



Tajaajila
kiroosKonnect

KAKUU
WAAQAYYOO

EEBBA KEENYA

JAAKII KESCH

SEERAAD UUMAMAA 12-25

BARNOOTA 1^{FFAA}: ABDII-ABRAAM WAAQAYYOON AMANE

BARNOOTA 2 : KAKUU: ANI WAAQAKEEN SIIF TA'A

BARNOOTA 3^{FFAA} : KEESUMMOOTA-WAAQAYYOOF WANTI DADHABAMU JIRAALEE?

BARNOOTA 4^{FFAA}: GIDDUGALAA/ARAARSAA

WAA 'EE NAMOOOTA KUDHANIITTIF JECHA

BARNOOTA 5^{FFAA}: DIIGAMSA – IYYATICHIBAAYYYEE GUDDAA DHA

BARNOOTAA 6^{FFAA}: AARSAA – Hoolaan AARSAA EESSA JIRAA(MEERREE)?

**...AKKAN SI HIN YAKKINEEF WAAN TA ATI JETTE GARAA KOO KEessa
KAA'ADHEERA... FAARSAA 119:11**

MAXXANSAA TENTHPOWER TIIN KAN QOPHAA'E.

www.tenthpowerpublishing.com

Copyright © 2014 by CrossConnect Ministries.
www.crosscm.org

Burqaa addaa irraa ta'uunsaayoo ibsame malee; qabxiwwan kun marti macaafa qulqulluu Afaan Ingiliziitiin qophaa'e irraa kan fudhatameedha. Abbaan mirgaa@2001 Kirooswey, tajaajila maxansa sagalee misiraachoo irraa eeyyamaan kan faayidaa irra ooleedha. Mirgi isaa seeraann eegamaa dha.

The “ESV” and “English Standard Version” are registered trademarks of Crossway. Use of either trademark requires the permission of Crossway.

Design by Inkwell Creative

**MIRGI MAXANSAA SEERAAN EGGAMAADHA. EEYYAMA BARREESSAA MALEE
KITAABA KANA KEessa KUTAA KANIIN IYYUU BAA'ISUUN DHORKAADHA.
YOOKAAN WARABAUN, ELEKTROONIKII DHAAN KAA'UUN, KOOPPII
GOCHUUN DORKAADHA.**

Seensa

Hojii hafaa jireenyakee fula duraa qajeelchu jalqabuu deemta. Addemsi kee adda ta'a. Kunis immoo dheebuu fi fedha ati kitaaba Maccaafia qulqulluu jedhamu hubachiitti guddachuuf qabduun murteeffama. Kutannoon ati macaaficha qo'achhuuf qabdu dubbii waaqayyo karaa sagaleesaa sitti dubbautuu jirenya kee guddisuuf bu'uura ta'a.

Yeroo macaafa qulqulluu qo'attu, wantoota barbaachisaa ta'an armaan gadii akka ofibiraa qabaattu sijajjabeessina:

1. Kuta Qo'annaa macaafa qulqulluu kana: Kakuu Waaqayyoo, Eeba Keenya.
2. Macaafa qulqulluu Ingilffa kan Afan Ingilizii waalteffamaadhaan barreeffame(ESV)
Hubachiisa: Yoo kitaaba Macaafa Qulqulluu haaraa bitatta ta'e, yoo danda'ame Kitaaba qulqulluu is kanneen armaan gadii qabu.
 - a. gara walakkaa fuula tokkoon tokkoon kitaabichaatti, kutaa wabii ittiin walmadaalchist kanqabu,
 - b. Hiika jechootaa/yaadaa gara dugdaa kitaabichaa irraa kanqabu
 - c. Kaartaa barbaachisaa ta'an muraasa gara dugdaattio kanqabu.
3. Iskiriiptoo yookaan Irsaasi
4. Kaardii indeksii (yaadannoo qabxiif ta'an) kan guiddinni isaanii 3x5 ykn 4x6 ta'e.

Qabxiilee lakkoofsa 2 olii jallatti ibsaman gahaa gootee qopheeffannaan, kutaa barnootaa kana sirriitti xumuruuf qophhofteetta jechuu dha. Yeroo jalqabaatiif qo'annaa ykn barnoota macaafa qulqulluutti dhuft yoo ta'e garuu, mata duree, Macaafa qulqulluu keessa deemanii ilaaluun' walqabatu irraa eegaluu qabda.

Qoa'annoonaan kun meeshaa kitaaba keessa ittiin deemamuuf qindaa'e kenuun, dandeettii kee cimsee barataa macaafa qulqulluu ofitti amanamummaa qabu ta'uuf sigargaara.

Kitaaba Qulqulluu sakatta'u kan jedhu marsariitii KiroosKonnektii armaan gadii irraa baasiifi dirqama tokko malee argachuun indanda'ama: www.crosscm.org

Qo'annoonaan kun kan kenname ta'u illee, milkaa'insa qo'annoonaan kakuu waaqayyoo, Eebba Keenyaaf jedhuu barbaachisaa miti.

Macaafa qulqulluu kee irratti mallattoo ykn qabxii jala muruu hinshakkin. Kitaabichi Macaafa qulqulluu qo'annoonaan keeti. Yaadannoo barreeffachuudhaan, jala muruudhaan, halluu adda addaatti fayyadamuudhaan, qabxiilleetti marsuudhaa fi xiyya qabxii agarsiisutti gargaaramuudhaan kitaabich kan dhuunfaakee godhadhu. Adeemsa qo'annoonaan macaafa qulqulluu keetii keessatti sadarkaa erra geesse beekuuf dabtara yaadannoo kee ykn taableetii keetti gargaaramtee yaadakee fi gaaffiwwan waraabuu(galmeessuu) ni dandeessa.

Kitaabni qo'annoonaan kun kan barreeffameef dhuunfaakeetiin barachuu sidandeessisuudhaafi.

Haga naamusa gaariidhaan of qopheessitetti,barreeffama qo'annoonaan macaafa qulqulluu kana rakkina tokko malee xumuruu dandeessa. Akkasumas,odeeffannoo haaraa argatta, hubannoo ykn beekumsa haaraa hirmaatta; gaaffii ciccimaa deebii barbaadanus ni gaafatta. Deebii kana eeguudhaan, hiroonikee akka si waliin qo'atanu akka afeertu sijajjabeessina.

Qo'annoonaan Macaafa Qulqulluu kun gammachuu siif hakennu. Yeroo Waaqayyo karaa sagaleesaa sittu dubbattu nama hubatee fudhatu siyaataasisu.

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun jaalala Waaqayyoo isa gudaa karaa ilmasaa Iyyesuuus Kirstoos Gooftaa keenyaa fi fayisaa keenyaa siif kenname siif hamirkaneessu.

Hubachiisa gulaalaa: Ifa akka ta'utti, maq-dhaala Waaqayyoon ibsanu bubeed guddaan eegali innis "...wnati Inni jedhe...."

Barnoota Tokkoffaa

ABRAHAAM WAAQAYYOON AMANE

SEERA UUMAMAA 12:15-16-KAKUU

QABIYYEE BARNOOTA 1^{FFAA}

Mul'istuu . Seera Uumamaa 12:15-16	5
---	----------

Seensa	6
---------------	----------

Barroota 1 : Seera Uumamaa 12:15-16
--

• Konkolaataa horsiisee bultootaa	7
• Ani...Ani...Ani...	8
• Mirkanessa sagalee waaqayyoo	11
• Amantiidhaan qajeelaa taasifame	12
• Haggaarii fi Ishimaa'eel	13

SEENSA

Seenaan jirenya keenyaaf wanta barbaachisaa ta'an keessa qaama tokkoo dha. Guyyaa guyyaatti qaama seenaa haaraatu jirenya keenyatti dabalama. Wanttoonni adda addaa ni ta'u. Nuyi hundi keenya seenaa adda ta'e kan himnu qabna. Itti fufiinsaan adeemsa guddinaa fi misoomaa keessa jirra. Haalonni adda addaa fi namoonni adeemsa dhuunfaa keenyaa adda gochuudhaan, dhuma irraatti eenyummaa nuti ta'uu ykn qabaachuu qabnutti nu bocanii nu sirreessu. Muuxannoo guyyaa guyyaatti argannuu fi walitti dhufeinya nuquunnamu keessatti akkamitti akka deebii kenninu filachuuf carraan nuu kennameera. Deebii kenninu keessaa muraasni deebii beeknee ykn itti yaannee kenninuu dha. Jarrri kaan yoo argattaniyyuu xiyyeffanna baayyee xiqqootu kennamaaf. Kunneen filannoo dha, garuu seenaa dhuunfaa keenyaa qajeelchuu keessatti iddo qabu..

Kakuu Waaqayyoo, Eebba keenya, kan jedhu kun seenaa Abraam, isa Waaqayyoo Abrahaam jedhee moggaaseeti (Seeraa Uumamaa 17:5). Seenaa baayyee kan jirenya Abrahaamiin qajeelchan qo'anna. Seenaan kun michoomaa fi walitti dhufeinya(quunnamtii) Abrahaam Waaqayyoo wajjin qabu turee fi, akkaataa Waaqayyo Abrahaammitti fayyadamee kakuu Addaamii fi Hewaaniif gale raawwate agarsiisa(Seera Uumamaa 3:15). Tokkoon tokkoon seenaa sanaa keessatti waa'ee amala Abrahaam, waa'ee ilaalchasaa fi yeroo waaqayyoo jirenyasaa gidduu gale deebii Abrahham kenne baranna. Waa'ee walitti dhufeinya maatii, waa'ee ijoollee Abrahaam fi waa'ee dubbii waaqayyo maatii Abrahaammitti dubbatee baranna. Waaqayyo nukeessaa fi nugidduutti akka hojjetuuf gaaffillee murteessa jirenya keenya qoruuf nugargaaranu gaafanna.

Barnootichatti yeroo gallu waa'ee seena jirenya Abrahaam sirriitti qalbeeffadhaa. Seenichatti gammadaa. Gaaffilee qabachuudhaaf dabtara yaadannoo keessaniitti gargaaramaa. Yeroo seenaa Abrahaam dubbifattanu, akka Abrahaam seenaa isaa fi shaakala akkanni nama amantii ta'u isa gargaare isinitt himee dhageeffachaa jirtanuutti yaadaa. Yeroo waaqayyoo eenymmaasaa mul'isuu dhageeffachaa, jechoota Waaqayyo jaalala isaa isa guddaa ilmaan namootaa hundaaf

ibsuuf gargaarame hubadhaa. Yeroo Abrahaam seenaasaa iibsu dhageeffadhaatii, karaa jireenyi Abrahaam jirenya keessan irratti dhiibbaa qajeelinaa fidu ilaala.

Kakuu Waaqayyoo, eeba keenya keessatti dhugaa waa'ee seenaa Abrahaam barannu akka tilmaamnu nutaasisa. Dubbisatii gaaffii gaafadhaa. Haala jirenya cubbuu namootaa uumeef akkaataa Waaqayyo waa'ee ofii isaatii dhugaa ittiin mul'ise siritti ilaala hubadhaa. Bu'uruma kanaan, yeroo waaffii "egaa maaltu ta'eree?" jedhu gaafannu, karaa seenaan macaafa qulqulluu kun garaa keenyaa fi jirenya keenya tuqu barbaadaa Kana jechuun, egaa erga wanti hundumtuu jedhamee raawwatamee, seenaan kun anaaf jirenya kootiif maal jechuudhaa? Gaaffin kun dhuunfaadhaan dubbii Waaqayyoo hojiirra oolchuu ykn itti gargaaramuu irratti xiyyeffata. Akkasumas, gaaffin kun akkuma jirenya Abrahaamiin keessatti hojjette, jirenyakoo waaqayyoo wajjin walitti hidha.

Amma yeroo adeemsicha itti fufnuu dha. Seenichatti gammadaa; isinitti haatolu!. Qo'anno keessan isinitti haatolu! Macaafa qulqulluu keessan keessaa Seera Uumamaa Boqonnaa 11 baafadhaa. Jecha jalqabaa lakkofsa 27 irra jiru barreessuun eegalaa.

ABRAM BELIEVED THE LORD

Kutaa 1^{ffa}

SEENSA: Gareen horsiishee bulaa lafa uur isa kan kaldootaatii bahee gara biyya kanaan deeme (Seera Uumamaa 11:31) Kaartaa macaafa qulqulluu keerra jiranu keessaa tokko irraa biyya Uur Kaaba Lixaaa, dhuma kaabaa daangaa Pershaa irra barbaadi. Biyya kana'aan kaartaaraa addaan baasanii beekuun salphaa ta'uu dhiisuu danda'a. Daangaan isaa biyya Uurirraa gara Lixaati. Kanaan lafa dhiphoo xiqqoo gammoojji Arabaa irraa gara Lixaatti cina daangaa galaana ciisaa gudichaa, Meediteraaniyaanitti biratti argamtuu dha. Daangaa Kanaan qo'anoo kana keessatti boodde adda baasna. Kaartaa keessanirraa kan isin ilaaluu qabdanu gammoojji Arabaa ballaa fi diriiraa biyya Uurii fi Kanaaniin gidduu jiruu dha. Karaan imaltoonni kun erra deeman kara Kaabaatiin ta'ee galaana Yufiraaxes biraani. Horii baayyee wajjin baayyatani deemaa turani. Imaltoonni hundi isaanii bishaan barbaadani. Lixa deemuuf

karaa Kaabaa imaluun garaa dhiwoo hinturre, garuu shakkii tokko malee karaan sun nageenya maatii, nageenya hojjettootaa fi nageenya beelladootaatiif (horii) barbaachisaa ture.

BARSIISA: Namoonni kun eenyuun turanii? Seera Uumamaa boqonnaa 11 keessa lakkofsonni baayyeen gara dumarra jiranu namoonni kun eenyuun akka ta'an nutti hima. Lakkofsa 27 irraa jalqabaa. "Iddi dhaloota sanyii Taaraa kanatti fufee in lakkaa'ama" Lakkofsota 27-32tti dubbisaa. Mee amma keessa hadebinu. Taaraan Abraamiif _____ dha. Saaraay Abraamiif _____ dha. Wanti biraan tokkichi waa'ee Abraamii fi Saaraay barannu, Abraamii fi Saaraay _____ hinqabanu turan sababiin isaas Saaraay _____ waan turteefi dha. Kunni qabtii baayyee ijoodha sababiin isaas addaan sun dubartiin dawuu hindandeenye dubartii barbaadamtu miti. Isheen tuffatamtuudha, iddo hinqabduu, hawaasaa keessaas akka namoota ykn dubartoota kan biraatii gadi taatetti lakkaa'amti.. Yeroo baayyee abbaa manaa isheetiif akka abaarsaatti lakkaa'amti.

Taaraan akka geggeessaa qomoo sanaa ykn maatiisanaatti Abraamii fi Saaraayiin ofisaa wajjin fuudhe deeme Itti dabalees, mucaa akaakayyuu isaa _____ fuudhee adeeme. Abbaan Looxi osoo jarri Ur hinbayin du'e . Kana'aan galuuf waan bahaniiif, akka qaamaa qomoo kanaatti Looxi, akaakayyuu isaa waliin gara kanaan deeme. Hata'u malee, yeroo gareen imaltootaa kun,Kaaraaniin gahan,jarri achi_____ (Seera Uumamaa 11:31) . Taaraan waggoota _____ jiraatee, _____ keessatti du'e. Utuu hindu'in biyya Kaaraan keessa wagga meeqa akka inni jiraate hinbeeknu. Achi jiraachuu akkanni filatee fi deemsa isaa itti fufee kana'aaniin galuu akkanni hinbarbaanne beekna.

Iddoon seenaan Abraam itti jalqabu Seera Uumamaa boqonnaa 12 irratti. Abraam hojjettoota mataa isaa, horii(beeyilatootas) mataa isaa fi qabeenya mataa ofisaa argate. Nama baayyee badhaadhaa ture. Iddoo kanatti waa'ee Abraamii fi Saaraay wantoota baayyee hinbeeknu. Garuu wantokko beekne. Innis Waaqayyoo gara Abraam dhufuu filatee isaa wajjin walitti dhufeenyaa fi michooma uume. Kunni immoo Seenaa Abraam bara baraan jijiire. When God enters a person's life nothing is ever the same again.Waaqayyo yeroo gara jirenya namaa dhufee seenu, wanti akka duraaniitti hafu hinjiru. Wanti hundinuu ni geeddarama.

ABBALTII: Seera Uumamaa 12 dubifadhaa, addumaan immoo lakkofsa 1-9 irratti baayyee xiyyeffadhaa. As keessatti maqaan namootaa baayyee nii fi maqaan biyyaa baayyeen ibsamus, Abraamii fi Saaraay irratti xiyyeffadhaa. Itti fayyadama gara fula duraatiif, waa'ee namoota tokko tokkoo fi waayyee biyyoota tokko tokkoo yaadannoo qabachuu ni dandeessu.

SHAAKALA: In Genesis 12:1-3 God spoke to Abram and gave him a directive. Seera Uumamaa 12:1-3 keessatti Waaqayyo Abraamitti dubbatee qajeelfama isaat kenne. Akka bu'uuraatti, Waaqayyo Abraamiin, yoo ati kana hojjette, ani immoo kanan hojjedhaa jedhee itti dubbate. Waaqayyo Abraamiin waamee, akka inni jirreenya isaa isa haalal cubbuutiin guute keessaa bahee hojji sanyii ilmaan namootaa olchuu keessatti Waaqayyoon waliin akkanni waliigalu isa affeere. Hubadhaa: Yaadadhaa, Lolichi garaa nama hundumaa keessatti cimee jira. LolichI Waaqayyo fi seexana gudduutti, wanta gaarii fi wanta hamaa gidduutti geggeefame Yeroon Waaqayyo karoora fi kakuu jennata Eden keessatti gale iti yaadatee haareessu amma dha. Seera Uumamaa 3:15. Seenaan kun karaa Abraam Waaqayyo hidda dhaloota Iyyesuus, is oolchaa isaa fi fayyisaa keenyaa, ta;ee waan dubbatuuf baayyee barbaachisaa dha.

1. Lakkofsa 1 keessatti Abraam maal gochuuf turee? “Biyyaa kee keessaa, lammii kee keessaa, maatii abbaakee keessaa _____ gara _____ ani si argirsiisuu dhaqi!”
2. Mee amma bakka Abraam of kaay. Wantoota beeku hundattii addaan bahee gara biyya hinmurteeffamnee akka dhaqu waamame. Waaqayyo waan akkas ittiin jedhe fakkaata, “Deemi qofa. Isa kaan anaaf dhiisi.” Deebiin kan koo “ Eeyyee, tole sirrii dha!” jedhuu ta’uu danda’a. Deebii keessan maal akka ta’uu danda’u mee yaadaa: _____ Odeeffannoo dabalataa ni barbaadduu? Isin tarrii namoota adeemsa ifaa hintaane kanaaf qophaa’aa taatan ta’uu dandeessu. Moo isin namoota karaa deemsichaa fi yeroo achi itti gahuu qabdan sirriitti adda baastanii beekuu barbaaddaniidhaa?

Yaadni koo tokko akkas jechuu barbaada, “Tole, Abraam, dhaqitii sirriitti qoradhuu adda baasi. Erga tasgabbootee booda waa'ee isaa natti himi, ani immoo sana booddee nandhufaa.” Mee yeroo xiqqoo fudhaatii utuu Waaqayo “ Deemi....” Isiniin jedhee wantoota gochuu qabdanu muraasa bebarreessaa.

Kutaa 2f^{faa}

SHAAKALA: Abraam biyya isaa dhiisee deemuuf jedha. Kutaan lammaffaan kakuu waaqayyo Abraamiif gale qabata. “Kakuwwan sun _____ dhaan jalqabu.” Waaqayyo kakuu hundumaa namaaf gala. Wanti Inni addaan baasee kakuu namaaf galu maalii? Lakkoofsa 2: “ Ani _____ ,ani _____

____ ani _____ , _____ in taatata.”

Lakkoofsa 3: “Ani _____ ,ani-
_____, _____ sababii
keetiin _____ ”

BARSIISA

1. The first promise that God made to Abram is that He will make him into a great nation. Kakuun inni jalqabaa Waaqayyo Abraamiif gale saba guddaa isa gochuu dha. Inni kun kakuu dhalootaa, kakuu mucummaati. Garuu Waaqayyoo, Abraam ijoollee argata(godhata) qofa hinjenne. But, God doesn't just say that Abram will have children. Iddoo kanaa Waaqayyo akkas jedhe, “Ani _____ si godha.” Instead He says, “I will make of you a _____.” Seera Uumamaa 11:30 erra deebi'aa dubbisaa. Rakkinni kakuu Waaqayyoo kannarra tura maalii?

2. Itti fufee Waaqayyoo _____ Abraam guddaa gochhuf kakuu gale. Waaqayyo kakuu sana raawwateeraa? Dhaabbilee amanitii adda addaa har'a addunyaa kana keessa jiranu mee yaadaa. Meeqaan isaaniitu Abraamiin,bakka seenaa amantii isaanii jalqabu irraatti hundaa'ee? Mee Yihudoota, Kiristaanota, fi Islaamota akka fakkeenyaatti yaadaa. Eeyyee, Waaqayyo maqaa Abraam guddaa taasiseera.

3. Kana booda Waaqayyo waa'ee namoota Abraamiin eebbisuu;warra isa abaaran abaaruu dubbata. Akka bu'uuraatti Waaqayyo Abraaniin ani sin eebbisa; eebbi ati nabira argattu immoo namoota kaaniif eeba sitaasisa jedhee itti hime. Lakoofsi 2 akkas jedha: “ Ani sin _____

” . Ati immooo _____ taata.” Wanti
Waaqayyoo Abraamiif gochuuf filatee fi karaa Abraam gochuuf filate saba lafa irraa hunda
eebbisa.

Waamich Waaqayyo Abraamiif godhe akka inni maatii isaa, biyya isaa, namoota beekuuf wantoota
beeku hundumaa dhiisee gara biyya Waaqayyo isa argisiisuuif jiruutti deemu isa affeere. Waamichi
Waaqayyo Abraamiif godhe kakuu muchummaa fi eebba era hafaa isa Abraamiin eebbisu qofa osoo
hintaa’ in, isa Abraamiin saba kan biraatiif eebba taasisuudha. Abraam affeerraa fi kakuu
Waaqayyootiif deebii kenne. Wanti inni beekuu qabu ture Waaqayyo isa waamaa jiraachuu isaati.

SHAAKALA

1. _Abraamii wajjin eenyu akka deeme nutti himamee(Lakkoofsa
4)? _____
2. Abraam Umuriin isaa Wagga meeqa turee? _____
3. Abraam yeroo deemee ofii isaa wajjin eenyuu fi maal fudhatee deemee(Lakkoofsa 5)?

4. Eessa gahani(Lakkoofsa 6)? _____

REFLECTION: YAADA BURQISIISUU(IBSUU): Erga Saaraay dhabduu taatee, Abraamimmoo
yeroo Waaqayyoo isa waamee saba guddaan si taasisa jedhee kakuu galuuf nama wagga 75 erga ta’ee:

1. Waaqayyo Maal yaade jettanii yaadduu?

2. Abraam maal yaadaa ture jettanii yaadduu?

3. Isinoo maal yaaddu turtan laataa? Sammuu keessanitti gargaaramaatii, mee akka Abraam
ofkaa’aa yaadaa. Mee yaada keessan muraasa barreessaa:

HOJII IRRA OOLCHUU

1. Waan hinbeekamnee fi wanna waanta’u hinfakkaanneef deebii kenuuf(tole jechuuf) ani ammamin
fedhii qabaa?

2. Yoo yeroon waan akka waaqayyo na deemsisuuf jedhuu natti dhaga’ame jettee yaadde jiraate
mee yaadadhu.

3. Abraam Waaqayyoon amanee, wantoota waa'ee waaqayyoo beeke irratti gahee isaa raawwate.

Waa'ee waaqayyoo wantoonni isin beektanu maalfaadhaa? Waa'ee Waaqayyoo ammuma beektuuf ammam akka deebii kennaa jirtutu sitti dhaga'amaa? _____

KADHANNAA: Yaa Waaqayyoo, Abraam waamicha kee dhaga'ee, waanbeeku hundumaa dhiisee bahee. Siif abboomamee gara biyya ati gara fuula duraatti itti agrgisiisuuf jirtuu deemee. Sagalee keetii fi kakuu kee amane. Amantii akkasii isa si amanachuu nadandeessisuu fi waan dubbate akka raawwatu amanuu nadandeessisu naaf kenni.

Kutaa 3^{ffaa}

SEENSA: Gareen imaltoota keenyaa amma Kanaaniin gahaniiru. Yeroo achi gahan,kanaaniin keessa Kaabaa gara Kibbaatti deemaniiru. Warri Kana'aan yammus biyya sana keessa turan (Seera Uumamaa 12:6). Kanaafuu, mee fakkiisaa yaadaa. Abraam waan hundumaa dhiisee bahee kakuu Waaqayyoo isa kan dhalootaa wajjin gara biyya kakuu galameefitti dhufeera. Fakkicha keessatti Abraamii fi qomoon isaa gartuu baayyee wal makaa dhaa fii biyya warra Kana'aaniin fi qomoo biraatiin qabame kana qabachuuf tasuma kan human qabu hinturre. Kana irrattis Abraam haadha manaasaa ishee dhabduu (dahuu hindandeenye) ofii isaa wajjin akka fuudhee deeme hinirraanfatinaa. Garuu Waaqayyo immoo Abraamiin akkas ittiin jedha: “ Biyya kana sanyii keetiif nan kenna (Seera Uumamaa 12:7). Abraamis Waaqayoon amaneera jechuudha; sababiin isaas lakkofsuma kana keessatti akkas jedha, “Abraamis iddo Waaqayyo itti mul’ate sanatti _____ in ijaare,” iddo waaqeffanna.. Inni kakuu gale Waaqayyo akka inni kakuusaa eegu Abraam in mirkanesse. Abraam Waaqayyo isa kakuu galeef, dubpii Waaqayyoo ilaalee socho'e malee; waan offii isaatiif beeku ; innis wagga 75 ta'uun isaa, Saaraay kan dahuu hindandeenye ta'uun isheennfi biyyi sun kan warra Kana'aan, kan warra Keexotaa, kan Iyyaabusoota, kan warra Amoorotaa, fi kan saboota kan biraat ta'uun isaa irra yaada isaa hin keenye.

ABBALTII: Seera Uumamaa boqonnaa 12-14 keessatti utuu Waaqayyoo jirenya Abraamiin keessatti hojjetuu argina. Hubachiisa: Boqonnaa sadan kana dubbifadhaa.

Yeroo Waaqayyo Abraamiin biyyicha keessatti hundeessuu jelqabu ilaala.. Kutaa kana amma yoo dubbisuudhaa baattani, halluu addaatti gargaaramaatii abbaltii ta'uu isaa akka yaadattanii deebitanii dubistanutti jala muraa darbaa. Erra hinturinaa, itti fufaatiit shaakala itti aanutti darbaa.

Seera Uumamaa 12:10-20. Biyya issan jiraachaa turannittii beelli ka'uu isaa irraan kan ka'e Abraamii fi Saaraay gara Gibxii deemuu isaanii. Abraam nahuu fi sodaachuu isaa ilaalla. Battaluma sanatti biyya isaan hinbeeknetti harki eegumsa Waaqayyoo yeroo jaraa wajjin ta'u argina.

1. Seera Uumamaa 13 dubbisaa. Boqonnaa kana keessatti waa'ee arjummaa Abraamii fi waa'ee ilma obboleessa issaa, waa'ee Looxiin baranna. Looxi bakka gaarii waan argate yoo fakkate illee, Waaqayyo ammas deebi'ee gara Abraam dhufe. Waaqayyo Erra deebi'ee kakuu Abraamiif galel haaresse. Lakkofsa 14-17 xiyyeffannaa addaa kennaa dubbisaa.
2. Seera Uumamaa 14: 8-17 dubbifadhaa. Ammas erra deebinee Looxiin argina. Mootonni afur wali galanii duula deemanii mootota shan an biraa moo'atani. Duula sana keessatti Looxi in booji'ame. Abraam yommuu kana dhagahe, Looxiin oolchuudhaaf behee deeme. Waaqayyo Akkanni Mooticha Kador-Laa'omer, isa Looxiin booji'ee fudhatee deeme akka moo'atuuf Abraamiin in dandeessise. Kanarraa kanka'e mootonni warrii moo'aman Abraamii wajjiin hiriiran. Maqaan Abraamis biyya sanatti in kanbajame, in beekames.

SHAAKALA

1. Erga inni moo'atee galee booda, Waaqayyo mul'ataan gara Abraam dhufe. Seera Uumamaa 15:1 dubbisaa. Jechoonni Waaqayoo yeroo kana Abraamiif kakuu isaa mirkaneessuuf itti gargaarame maalfaadhaa? Kakuu Waaqayyoo barreessaa.
-
-

2. Tokko asirraa kan hubatchuu danda'uu, Abraam waa'ee kakuu baayyee dhagaheera. Amma garuu hojii qabatamaa, waan mul'atu arguu akka barbaaduudha.
2. Akkas jedhee iyyee Waaqayyoon gaafata: “ _____
maal naakennuuf jirtaa, kan _____ ?”
3. Eenyutu mana isaa dhaaluf jiraa (Lakkofsa 2)?

4. Elii'ezaar eenyuu dhaa(Lakkoofsa 3)?

5. Kanatti fufee, lakkofsa 4 irratti Waaqayyoo akkas jedhe: “
_____ si
_____, _____ tu si _____ ”
6. Waaqayyo ittuma fufee Abraamiif mirkaneesse. The Lord went on a reassure him.
Abraamiin alatti gadi baasee,akkas ittiin jedhe: Gara _____;
yoo lakkaa'uu _____,yoo
lakkaa'uu dandeesse, akkasuma
_____ ” ittiin jedhe.

SAMUUTTI QABACHUU : Seerri Uumama boqonnaan 15, lakkofsi 6, lakkofsa samuutti qabachuun isin barbaachisuu dha. Lakkofsi kun qabachuuf baayyee salphaa dha. Erga Abraam fuula Waaqayyoo duratti dhiyaatee gaaffii gaafatee booda, Waaqayyo irra deebi'ee isuma jelqaba ittiin jedhe itti hime; Waaqayyo akka hojjetu kakuu isaafe gale. Isa booda sagalee kana dubbisna: “Abraam _____ ; _____ , innis _____ _____ isaaf
_____ ”

Abraam Waaqayyoon amanee, waan dubbate akkanni raawwatu isa abdate. Lakkofsa kana kaardii indeeksii (yaadannoo) irratti barreessii, sammuutti qabadhaatii yeroo hundumaa amma bara baraatti laphee keessan keessatti baadhaha.

Kutaa 4^{ffaa}

GADI QOTUU (GADI FAGEESSANII QOTUU): Hubachiisa: Namni qo'annoo kana keessatti hirmaatu yaada isaa gabbifachhuf kutaaa macaafa qulqulluu walfakkaataa dabalataan ilaaluu qaba.. *Kutaan gadi qotuu jedhu kun isiniif qophaa'e. Yoo amantootaa dubbi Waaqayyoo*

gadi fageenyaan barachuuf dheebuu qabdanuu taatan, macaafa Seera Uumamaa irratti xiyyeefadhaatii shaakala armaan gadii itti fufaa.

1. Kutaan macaafa qulqulluu bakka biraatti argamu lakkofsa kana wabii godhata, Seera Uumamaa 15:6. Ibsa wabii lakkofsa 6 keessaa jecha “qajeelummaa” jedhutti aau ilaalaatii isa booda lakkofsota wabii qaxxaamuraa keessatti kennaman irraatti xiyyeefadhaa. Wabiin qaxxaamuraa inni tokko kakuu haaraa keessaa Macaafa Ergaa gara warra Roomaatti barreeffameedha. Gara warra Roomaa 4:3 dubbisaatii, isa booda kanjiru erra darbaatii lakkofsa 18-25 dubbisaa. Lakkofsi kun Abraam kakuu raawwachuu dadhabuusaa nutti hima. Abdiin isaa Waaqayyoonture. Innis in amane Lakkofsi 20-21, kan nuti himu, “Inni

malee

hi dhabne.

akka danda'u

2. Lakkofsi 23-24 wanti Abraamiif ta'e nuuf warra isa Iyyesuusiin du'aa kaasetti amaneef akka ta'u dubbata. Kana jechuunis, Waaqayyo nu warra Iyyesuus gara biyya lafaa dhufuu isaa, adabbii cubbuu keenyatiif fannifamuu isaa, du'uu isaa fi warra dua'an keessaa kaafamuu isaa amannuuf qajeelummaa in kenna. Nuti toloota taaneerra. Qajeelota taaneerra. Waaqayyo abbaa uumaa keenyaa waliin walitti dhufeenza qabnuun qajeelota taasifamneerra. Waaqayyoo karaa ergaa Ergamaan Phaawulos gara warra Roomaatti barreesseen, akkuma Abraam Waaqayyootti amanuun isaa qajeelummaatti isaaf lakkaa'ame; akkasuma nutis Iyesuus isa cubbuu keenya hundumaa nuuf dhiisuudhaaf jedhee waa'ee keenyaaf du'etti amanuu keenyaan qajeelota ta'u keenya akka hubannu barbaada. Iyyessuus warra du'an keessaa kaafamuun isaa labsii Waaqayyoo qajeelummaa keenuyaaf labseedha. Cubbiin, ykn idaan nuti ittiin hadheeffamaa turre chaappfameera. Gatiin cubbuu keenyaa guutummaan guutuutti kaffalameera.

SHAAKALA: Seeraa Uumamaa 15:18 baafadhaa. Quba keessan fuula kanarra kaa'aatii, kutaa kaartaan erra jiru kan gara booda macaafa qulqulluu keessanii jiru banaa. Kutaa biyya Gibxi lamaan, daangaa gara Kibba biyya Waaqayyo Abraamiif kennuuf kakuu galee fi galaana Yufiraaxis, isa daangaa gara Kaabaa sirriitti addaan baastanii agarsiisuuf kaartaa isa lammaffaa ykn isa sadaffaa ilaaluu isin barbaachisa. Yufiraaxis galaana isa Taaraan osoo Kaaraaniin hinquabatin Ur ka'ee haga Kaaraanitti hordofee deemee ta'u yaadadhaa..

Kutaa 5ffaa

SHAAKALA:Seera Uumamaa 16 dubisaa. Taattonni haaraan lama ibsamaniiru. Abraamii fi Saaraayi amma dhimmoota isaanii harka galfachuuf jedhu.

Lakkoofsa 1: Saaraay _____ Abraami. Abraamiif mucaa hindeenyeye ture.

1. Garuu _____ qabdi. Maqaan ishee _____ jedhemeye ture.
2. Lakkoofsa 2: Karoorri Saaraayi Abraamii wajjin maryatte/hirmaate maalii?

Saaraay abdii kutattee, yoo hojjettuun ishee mucaa deesseef maatii horachhuu akka dandeessutti yaadde.

3. Lakkoofsa 2-4: Abraam namni karoora haadha manaa isaatti walii galu kun, Waaqayyo erga kakuu galeefii wagga 10 ta'ee ture. Saaraay hojjettuu ishee Lammii Gibxi kantaate, akka isheen _____ taatuufitti Abraamiif kennite. Abraamis Haggaar _____; isheen _____
4. Haggaar erga ulfooftee booda Saaraayiif akkamiin deebisaa turte (Lakkoofsa 4)?
5. Ilaalcha Haggaariif, Saaraayi deebii akkamiin kennitee?
6. Abraam gungummii ykn himaannaa Saaraayiif akkamiin deebii kennee?i
7. Saaraay Aggaariin akkamitti qabdee? _____
8. Haggaar Maalgootee (Lakkoofsa 6)?
9. Ergamaan Waaqayyoo Haggaariin eessatti argee? _____
Ammas si'a tokko kaartaa keessan akka erra deebitanii ilaaltanu isin jajjabeessina. Aggaar lafa onaa keessatti burqaa bishaanii karaa Shuur dhaqu biratti argamu biratti argamte. Kaartaa keessan irratti lafa onaa Shuur isa andaara lafaa Siinaay jedhamu keessatti Gibsii fi Kana'aan gidduu jiru agarsiisaa(Kunis Israa'eel ishee bara kanaati.)

10. Lakkoofsa 8-12: Haasaan ergamaa Waaqayyoo fi Aggaariin giduutti jalqabame.

- a. Ergamichi Aggaariin maal gaafatee? _____
- b. Deebiin Haggaar maal turee? _____
- c. Gorsii/qajeelchi ergamichaa maal turee? _____
- d. Lakkoofsa 10 irratti ergamichi dabatalaan Haggaaritti maal himee?

- e. Lakkoofsa 11-12 keessatti ergamaan Waaqayyoo Haggaaritti waa'ee mucaa ishee maal itti himee?

- i. Kunoo iti _____ Maqaa isaaS _____ jettee in moggaasta.
- ii. Ishaa'eel jechuun, Waaqayyo _____ jechuu dha.
(yaadanoo gara jalaa ilaali)
- iii. Waaqayyo _____ kee nagaheera.
Ishmaa'eel _____ in ta'a.
1. Inni _____ nama hundumaa _____
 2. Namnihundinuus _____
 3. Inni akka _____ jiraata. Obboloota isaa _____
11. Lakkofsa 15-16: Hagger ilma _____ jedhamu Abraamiif deesse. Yeroo mucaan kun dhalate, Abraam nama waggaa meeqaa turee? _____

IBSUU

1. Yeroo seenaa kana dubistanii xumurtanu yaada maaliitu sammuu keessan keessa adeemaa? _____
 2. Ilmi keessan obbolootaa isaa hundaa wajjin diinummaatti jiraata, jedhamee namatti himamuun maal namatti fakkaataa?
-

HOJII IRRA OOLCHUU: Aggaar giiftii ishee tuffiidhaan ilaaltus, salphistus, Waaqayyo garuu araaraa fi gara laafina isaa isheetti agarsiise.

1. Nama yookaan hiryaan garmalee isin miidhu tokkoof deebiin keessan maal ta'aa?
 2. Sagaleen jajjabinaa Iyyesuus nuuf qabu maalii? Wangeela Maatewos 5:43-48 ilaala,
-
-

KADHANNAA: Yaa Waaqayyo, yeroo baayyee obsa dhabuu kootiif fuulakeetti yakuukoo nan himadha. Akkasumas, yeroo mara wantoota baayyee harakoo keessattin fudha; karaa mataa kootiinin akka natti fakkaatetti qabadha. Kanaan sigaddisiisuu koo fuula keetti nan himadha. Cubbuu kunis yeroo baayyee, firii baachuuf ulfaataa ta'ee fi kan nama dhukubsuu dhaDogoggorakoo naaf dhiisii, jirenya sitti quufee, sitti boqotu naaf kenni. Namoota warran jaalladhu gadisiisaniif akka keetti akkan deebii kennu nadandeessisi. Jaalalli kee fi ararrikee jirenya kootti hadhangala'u.

BARNOOTA LAMMAFFAA

ANI WAAQAYYOO KEEN

SIIF TA'A

SEERA UUMAMAA 17: KAKUU/WAADAA

TARTIIBA QABIYYEE BARNOOTA 2^{FFAA}

Agarsiisa: Seeraa Uumamaa 17	15
Seensa	16
Barnoota 2 ^{ffaa:} : Seera Uumamaa 17	
• Kakuu barabaraa	17
• Qabsoo(Falmii) Abrahaam	19
• HIIKA: Kakuu	20
• Waaqayyo Ishmaa'elin eebbise	23
• Aggaarii fi Ishmaa'el bahanii deemani	25
• Kennaan Waaqyyo Ishmaa'eliif kenne	26
• Keessa deebii	27

ANI WAAQA KEEN SIIF TA'A

SEENSA

Godoo (dunkaana) Abraam keessa jeequmsatu ture. Waaqayyo erga Abraamiif kakuu galee waggoonni kudhan darbaniiru. Saaraay dhala malee(utuu mucaa hinda'in) hafte. Aggaar ulfooftee Abraamiif ilma Ishmaa'el jedhamu deesse. Waan hunda irraa caalaa immoo, Saaraay fi Haggaar waliigaltee hinqabanu. Waggoonni kudha sadii darbaniiru. Seenaan Abraam Seera Uumama 17 keessaatti itti fufa. Yeroo kana Abraam nama wagga sagaltamii –sagaliiti.

Waaqayyoo ammas erra deebi'ee altokko Abraamitt mul'ate. Yeroo sana Waaqayyo Abraamii fi sanyii isaa wajjiin kakuu barabaraa gale. “ Ani Waaqayyo isaanii nanta'a”. Kakuun kun nagna qabachuun kan barbaachisuu fi dhiirota maatii Abraam keessatti dhalatan hunda kan haammatuu dha. Dhagna qabachuun mallattoo kakuu isa Waaqayyoo fi Abraamiin gidduu tureeti.

Dhugaan hafe jira. Abraamii fi Saaraay dhala hinqabanu. Waaqayyo garuu Abraamiif kakuu galuu qofa utuu hinta'in, sanyii Abraam hundaaf kakuu galee, dhaloonti sanyii Abraam lakkosaan baayyee akka baayyatu kakuu galeef. Waggoota kana hundumaa Abraam kakuu Waaqayyoo amane. Amma Waaqayyo maqaa Abraam jijiiree, kana booda maqaan kee Abrahaam jedhama ittiin jedhe. Kunis Abbaa namoota baayyee jechuu dha! Maqaa Sooraays Saaraay itti jijiire. Kana jechuunis haadha namoota hundaa jechuudha. Kun akkamiin ta'uu danda'aa?

Waaqayyo Abrahaamiif haati manaa isaa Saaraay akka ulfootuu fi akka ilma deessu erra deebi'ee mirkaneessaaf. Kakuun Waaqayyo Abraamiif gale kakuu sanyii dhalootataa isaa hundaa waanta'eefii, kakuun kun namni Abrahaamiin dhaalu osoo hinjiraatin guutuu ta'uu hindanda'u ture. Abraami yaaduu fi akkas jedhee kolfu dhagawuu dandeenyaa, "Ani waggaa 100 guutuufan jedha, Saaraay waggaa 90 guutuuf jetti." Abraam garuu Waaqayoon amane, innis qajeelummaatti isaaf lakkaa'e.

Isin Abraamii fi Saaraayitti ni kolfituu ? Moo amantii dhabuu keessaniin , gowwummaa Abraamii fi Saaraay waggoota dheeraa amma kanaatiif kakuu Waaqayyoo amananii turanii eeguu isaaniitti kolfituu laataa? Waaqayyo garuu kakuu Abraamii fi Sanyii isaatiif gale raawwatee Isaaq dhalate. Mee gammachuu fi ayyaaneffanna kanaa yaadaa! Kolfa gammachuun kolfamu dhaggeeffadhaa!

Wanti hundi waan abdii hinqabne yeroo ta'utti, abdiin qabaatanii obsaan eeggachuun maal fakkaata laataa? Kun egaa seenaa Abraamii fi Saaraay? Seenaan keessanoo maalii? Wanta hindanda'amne yeroo itti gaafattan qabduu? Wanti abdii keessan jiraataa taasise maalii? Qabsoon keessan maal fakkaata turee? Waan abdachhiifame amanuu dhabuudhaan kolfa shakkii yeroo kolfitan qabduu? Maatii fi hiryootarraa gargaarsa akkamii argattan;maal immoo dhabdan? Waaqayyo Abraamiif, kakuu isaatii fi waadaa seeneef amanamaa ture. Gooftaan saba isaatiif, isiniif anaafis amanamaa ta'ee hafa. " Isa Waaqayyo "Saban" sitaasisa jedhee dubate, yoo amananiyyuu, Abraamii fi Saaraay , isa Waagayyo itti dubbatee " Ani kakuu koo isa kan bara baraa anaa fi siif gidduu akkasumas sanyii keef dhaloota sibooddee dhufuuf Waaqa isaa ta'uu galeera" hinargine.

ANI WAAQAKEEN SIIFTA'A

kutaa 1ffaa

SEENSA : Abraam amma nama waggaa 99ti. Waaqayyo Gooftaan ammas gara Abraam dhufee kakuu waggaa 25 dura galeef erra deebi'ee mirkneessaaf.

ABBALTII: Seeraa Uumamaa 17:1-8 dubbisaa.

SHAAKALA: Kakuu isa isaaf gale mirkaneessuuf waan Waaqayyo Abrahaamiin jedhe hubadhaa.

1. Lakkofsa 2: Waaqayyo

“Ani _____ koo _____
amma malees _____ ”

2. Lakkofsa 3: Yommus Abraam fuula isaatiin lafatti gadi in gombifame. Waaqayyoos kakuu isaa isatti in dubbate “ Kunoo kakuu ani siwajjin gale, ati _____ (Lakkofsa 4)”

3. Lakkofsa 5: Waaqayyo maqaa Abraam, Abrahaamitti geeddare. Hubachiisa: Maccaafni qulqulluun keessan gara jalaa isaatti yaadannoo “Abraam jechuun, Abbaa kabajamaa(guddaa) jechuudha” hiika jedhu kennuu danda'a. Abrahaam jechuun ‘abbaa saba baay’ee’ jechuu dha. Maqaan kee si’achi _____ hin jedhamu; maqaan kee _____ in jedhama ani _____ sonaan baay’ee dhaaf _____ si godheera.

4. Jecha “ Ani” jedhu, lakkofsota sadan kana keessaa ilaala (Lakkofsa 6-8). Halluu addaatti fayyadamaa tii mallattoo itti godhaa.

a. “Ani _____ ”

b. “Ani _____ ”

c. “Ani _____ ”

d. Biyyi Kana'aan hundi kan Abrahaam keessatti akka ormaa fi akka galaatti ilaalamaa turetti Waaqayyo akka jedhe, “Ani _____ ”

5. ” Lakkoofs 8 keessatti Waaqayyo waa’ee sanyii isaatiif Abrahaamiif kakuu gala. Akkas ittiin jedhe “...ani _____ ”

IBSUU: Mee iddo Abrahaam of kaa'aa. Waggaa 25 dura Waaqayyo akka isaa wajjin ta'u, akka saba guddaa isa godhu kakuu galeefii ture(Seera Uumamaa 12:2). Waggaa 10 booda Saaraay abdii haadha ta'uuf qabdu hunda kutattee, kakuu Waaqayyo Abrahaamii galeen ala of gootee, Waaqayyo yeroo kakuu gale abbaa manaa ishee Abrahaamiin akka sammuu keessa qabuu fi ishee garuu kakuu gale sana keessatti akka hin daballetti yaaduu eegalte. Kana irraas kan ka'e hojjettuu ishee,Haggariin Abrahaamiif kennite. Mucaan Aggaariif in dhalate. Lollii fi qoccolloon maatii Abrahaam kessatti, Saaraay fi Haggaar gidduutti jelqabame. Abraam karoora mataa isaatii uumuutti gaabbuu hin afne. Amantii qofaan Waaqayyo akka inni kakuu isaaaf gale , akka barbaadee fi yeroo barbaadetti raawwatu amanu illee, sana booda akka kakuu waqaayyootti hojeluuf homaa gochuu hindandeenye. Yeroo Abrahaam wagga sagaltamii sagal guutu, Waaqayyoo ammas Abrahaamitti mul'atee kakuu isuma duraanii sana erra deebi'ee itti dubbate. Waaqayyo Abrahaamii wajjin kakuu galee; maqaa isaa Abrahaamitti jijiiree; kakuu isaa isa "Ani..." jedhu itti labse.

Osoo hiryaan Abrahaam taatanii,inni immoo jalqabaa kaasee waantoota ta'aa turan osoo Kaaraanii hin babin duraan eegalee (Seera Uumamaa 12:1) hanga Waaqayyo maqaa isaa jijiiretti(Seera Uumamaa 17) wantoota ta'an hundumaa isinitti hime; amma yeroo kana yeroo Abraham isin waliin laaqana nyaachuu gara godoo keessanii dhufee, waa'ee isa bara boodaa irra Waaqayyo gara isaa dhaqee isinitti himee maal jettuu laataa?

DHUUNFAA DHAAN HOJII IRRA OOLCHUU

1. Mee , yoo akka kan Abrahaam dheeraa ta'uudhaa baate illee, yeroo itti eegaa turtanii fi haala obsaan eguu barbaachisu keessa yeroo itti dabartan yaadadhaa.
-
-

2. Yeroo eegaa turtanitti yaada isin keessa turan keessa muraasni maalfaa dha?
-
-

3. Seenaan sun akkamiin xuuramee? _____
-
-

IBSUU : Baay'een keenya kakuu nuyi eegnee hinbeekne hedduun nuufkennnameera. Kakuun hin eegamne nama miidhuu fi walitti dhufeenyaa yookaan quunnamtii balleessuu danda'a. Tarii isinumtuu nama kakuu galee eeguu/raawwachuu dadhabe ta'uu dandeessu. Miidahmuu keenyaa fi namoota kaan miidhuu keenya namoota birraatti himuun, Waaqayoo akka nu fayyisuu fi quunnamtii isa waliin qabnu

iddootti akka deebisuuf isaaf carraa kennuufii dha. Namni sammuu keessanitti dhufu eenuu dha laataa?
Yeroon kun yeroo walitti dufeenya bade fi addaan bahiinsa nama kanaa wajjin uumame fayyistanii,
Waaqayyo akka isin gidduutti araara godhuu carraa isaaf kennitanu ta'uu ni
danda'a. _____

KADHANNAA: Yaa Waaqayyo amanamummaa kee Abrahaamitti agarsiistee galanni siif hata'u. Kakuu isaaf galte akka raawwattu akka inni amanu Abrahaamiif amantii waankenniteef galanni siif hata'u. Ati Kakuu namaaf galte cabsitee hinbeektu. Ani yeroo baay'ee, namootaaf kakuu galee raawwachuu, eeguus dadhabeera. Kakuun gales cabseera. Maaloo anaaf dhiisii, anatti araarami. Ofii kootiin dhugaa akkan fudhadhee, namoota kaan gaddisiisuu koo akkan beekee yaada garaa kootii geeddadaradhu humni kee kaka'umsa anaaf haakennu. Fayinaa fi guutummaa jirenyaa si'a tokko naaf deebisi. Ameen.

Kutaa 2ffaa

SHAAKALA: Waaqayyo haadha manaa Abraam, Saaraayiin, ilaachisee kakuu Abraamiif gales haaresseera. Seera Uumamaa 17: 15-17 fi lakkof 19 dubbifadhaa.

1. Waaqayyo waa'ee Saaraay maal jedhaa?

- Lakkoofsa 15 keessatti waa'ee maqaa ishee _____
 - Lakkoofsa 16 keessatti waa'ee kakuu sanaa _____
-
-

2. Abraam wanti waaqayyo kakuu gale dhugumaa akka raawwatu amaneuu dhaaf qabsoo irra jira.

Lakkoofsa 17 erra deebi'aa dubbisaa

Waa'ee haala sanaa guutummaatti abdii kutateera.

Wagga saddeettamii shanitti muchaa godhacuu indanda'a ture, amma garuu umurii wagga 100 tti Abraam innis, haati manaa isaa Saaraayis mucaa godhachuu akka hindandeenye arge.

Lakoofsi kun Abrahaam guutummaatti Abdii kutachuu isaa ilaachisee maal nutti himaa?

- Qaama isaa fi deebii waan itti dhaga'ame irraa ka'ee Abrahaam deebisu lakkoofsa 17 keessatti ilaala: _____
- Gaaffii isaa ilaala:
 - _____

ii. _____

3. Waaqayyoo booy'icha garaa isaa dhagahee, Abraamiif waan kakuu gale hundumaa akka raawwatuuf mirkaneesseef. Abrahaam kakuun isaaf galamee akka dandeetti namaatti waan raawwatamuu hindandeenye ta'uu isaa fi raawwiin kakuu sanaa guutummaan guutuutti Waaqayyoon qofa irratti kan hundaa'e ta'uu isaa akka hubate Waaqayyoo in beeke.

a. Lakkofsa 19: Kana booda Waaqayyo akkas jedhe, "Saaraay haati manakee

b. Maqaan isaas _____
"Ani _____

""

DHUUNFAADHAAN HOJIIRRA OOLCHUU: Yeroo osoo akkas jettuu of argite qabdaa laataa, "Kun too'annaa kootiin ala. Wanti ani gochuu danda'u hinjiru."? Yookaan "Dandeettii ilma namaatiin gonkuma wanti godhamuu danda'amu tokko hinjiru." Yeroo tokko tokko, nutis jechoota abdii kutannaakkasii keessatti of arginee, wanti ta'aa jiruu sodaachisaa akka ta'u fi gaarii akka hintaanetti yaannee dhiphannaAbrahaamii fi Saaraay kan abdii kutatanii fi mirri isaanii gaarii yoo hinturre iyyuu, Waaqayyo kakuu isaaniif gale raawwachuutti akkuma amanamaa ture, nuufis kakuu nuuf gale keessatti amanamaa ta'ee jiraata.

"
Mirkanessa jaalala Waaqayyoo Seera Keessa Deebii 31:8 keessa jiru yeroo fudhadhaatii barbaadaatii sagalee jajjabinaa isaatiif Waaqayyoon galateeffadhaa. Sagalichi gahaadha.

YAADATTI (SAMMUUTTI) QABACHUU: Kutaan Seera Keessa Deebii 31:8 irra jiru kun baroota dheeraadhaan dura geggeessaa guddaa kan ta'e Musee dhaan kan Iyyasuutti dubbatameedha. Yeroon du'a Musee gaheera. Iyyasuun immoo bakka Musee bu'uuf jira. Museen Sagalee dhugaa ta'uu isaa beeku kana Iyyasuutti kenne. Waaqayyo akka Iyyasu fuuldura deemee karaa isaaf qajeelchu, isaa wajjiin deemeeakkanni isa geggeessu, akka isa bira dhaabbatu, akka isa hindhiisnee fi akka isa hinbuusne, jireenyi Musee ragaadha. Kun immoo Iyyasu keessa sodaa balleessee, ija jabinaa fi gootummaa kenneef. Hojii sammuutti qabachuu keessaniitiif, Seera Keessa deebi 31:8, kaardii iaadannoo(indeeksii) keessanitti barreeffadhaatii

erra deddeebi'aa dubbisaatii samuutti qabadha, Dubbiin Museen Iyyasutti dubbate kun har'as jaarraa 21^{ffa}a kana keessa nuyii wajjinis walqabata.

KADHANNAA: Waawaaqayyo jaalala kee guddaa amanamummaakee Abrahaamii fi Saaraay tti, akkasummas anatti mul'isuudhaan argisiistee galanni siif hata'u.Yeroo hundumaa waanan barbaade argachuu utuu hinta'in jaalallii fi amanamummaan ati anaaf qabdu kan hin shakkamne ta'uu akkan hubadhu nagargaari.

Kutaa 3^{ffaa}

BARSIISA: Kakuun Waaqayyo Abrahaamii wajjin dhaabe kakuun barabaraa ti. Kakuun sun Abrahaamii fi Saaraay qofaaf osoo hinta'in, sanyii isaanii fi dhaloota isaanitti aanee dhufuuf jiru hundaafi dha. Kakuun barabaraa kun kan sirriittu hubtamuu danda'u, dameewwan isaa gadifageenyaan yeroo qorree ilaalluu dha.

Hiika: Kakuu jechuun waadaa yookaan waliigaltee qaama lama gidduutti godhamee jechuu dha. Seera Uumamaa boqonnaa 17:4 keessatti kakuun sun qaama lamaan keessa qaama isa baay'ee guddaadhaan kenname, innis maqaan isaa Waaqayyoo dhaa fi, qaama lamman keessa inni xiqqaan kan kakuun sun kennameefi, kakuu sanaan waliigalei immoo maqaan isaa Abrahaam jedhama. Kakuun qaama lamaan giduutti godhamee fi lamaan irratti walii galan kun haalli isaa hundi kan dubbatame isa kakuu sana kenneeni dha.

Waaqayoo raawaachuuf waan kakuu gale Abraamitti hime. Jarri kunis kutaa 1^{ffaa} duraanii keessatti kan ilaalle jechoota “Ani....” Jedhanuu dha. Sanatti aansee Waaqayyo akka inni raawwatuuf waan Abraam irra barbaadu yookaan eegu itti hima. Dhugaan yookaan sababni kakuun kun kan barabaraa ta’eef, kakuun kun kan kennname Waaqayyoo isa ‘Kakuun kun sanyii Abrahaamii fi dhaloota itti aane dhufuuf jiruufi’ jedhee dubbatee waan kennnameefi dha.

Seera Uumamaa 9:16 irratti akkuma yaadannu Waaqayyo ofii isaatiifi “uumama lubbuu qabaatee foon uffatee lafa irra jiraatu hundumaa gidduutti kakuu bara baraa dhaabe.” Kakuun kunis kauu Nohiif kennnamee dha. Kakuun kun kakuu addaati. Kakuun kun Waaqayyo bira ka’e, haalli barbaachisummaa kakuu kanaas Waaqayyoon godhame; kakuu kana seeguuf kan waadaa seen Waaqyyoo qofa dha. Sabbanni Waaqayyoo milikkita fi yaadachiisa kakuu sanaa ta’ee hanga har’aatti itti fufee jira.

SHAAKALA: Mee kakuu barabaraa Waaqayyo ofii isaatii fi Abrahaamiin gidduutti godhe Seera Uumamaa 17 keessatti hubannaadhaan ha’ilaallu.

1. Wanti jalqabaa kan Waaqayyo raawwachuuuf kakuu sana keessatti waadaa seenu maalii?
“Ani _____.”
2. Erga Waaqayyo isaanii isaaniif ta’ee saba isaa isaan godhachuuuf waadaaseenne booda, lakkofsa 8 irratti akkas jedha, “_____ siif
_____ keetiis _____
barabaraa _____.”
3. Erra deebi’ees, lakkofsa 8 keessatti akkas jedhee kakuu galaaf, “Ani isaaniifis
_____.”
4. Inni itti aanu kan Waaqayyo yeroo Abrahaamiif kakuu gale ibsee, Abrahaam irraa, sanyii Abrahaam irraa fi dhaloota itti aane dhufuuf jiru iraa waan eeguu dha. Seera Uumamaa 17:9-14 keessatti gaheen Abrahaam, kan sanyii isaa fi kan dhaloota itti aane dhufuuf jiruu maal akka ta’uu qabu ibsa
“Isin keessaa dhiirri hundinuu
”
_____ kunis
_____ anaaf isin
gidduu _____
.”
5. Lakkofsonnni 12 fi 13 waa’ee dhagna qabanna maatii Abrahaamii fi kan sanyii(dhaloota) isaa ilaachisee qajeelfamni Waaqayyoo maal akka ta’e odeeffanoo dabalataa

kennu: _____

Kutaa 4^{ffaa}

BARSIISA: Waaqayyo abboomamuu isaanii bardaade. Isa booda warran kakuu dhagna babachuudhaan galan sana eeganu eebbisuuf waadaa(kakuu) seene. Akkasumas namoota hin aboomamneefi kan dhagna hinqabanneef addabiin jira. Seera Uumamaa 17:14 keessatti Waaqayyoo waa'ee waan(adabbii) namoota hinabboomamnerra gahuu maal jedhaa? _____

Waaqayyo kakuu gale akka salphaatti hinfudhatu.

Waaqayyo sagalee isaa in eega; Waaqayyo qaama kakuu isaa isa namaaf galeeti; inni Abrahaamiiifi sanyiin isaa kakuu Waaqayyo galeef sana keessatti gahee isaanii bahuuf akka isaan dhagna qabatanu erraa eega.

Akka angafa yookaan gegeessaatti qomoo isaa fi maatii isaatti, kakuun sun Abrahaamitti kennamus, qaama kakuu sanaa ta'uu isaanii argisiisuuf kan dhagna qabatan dhirota yoo ta'anis, kakuun sun dubartoota ofkeessatti hinaammatu jechuu miti. Kakuun sun dubartootas of keessatti aamateera. Dubartoonni karaa abbootii isaanii walitti dhufeenyä kakuu sanaa jala dhufanii, karaa abbaa manaa isaanii eeba sana jala galani. Saaraayiin ilaachisee sagalee Waaqayyoo lakkofsa 15-16 keessa jiru yaadadhaa. Sagaleen kun sagalee Waaqayyoo lakkofsa 5-6 keessatti Abrahaamitti dubbatamee wajjin tokko dha.

Jaarraa 21^{ffaa} kana keessatti daa'imman dhiiraa baay'een akkuma dhalataniin osoo hospitaalaan hinba'in dhagna qabatu. Maatii warra Yihudootaa keessatti garuu, sirni dhagna qabaa kun akka tajaajila amantiitti manatti yookaa mana sagadaa keessatti lubaan yookaan geggeessaamantii raawwatama. Dhagna qabaan kun Abrahaamii fi maatii isaatiif guyyaa saddeettaffaatti godoo(dunkaana)isaa keessati raawwatamus, yookiis akka sirna amantii warra Yihudootaatti manatti yookaan mana sagadaatti raawwatamus, yookiis dhalatanii osoo manatti hingalin hospitaala ammayyaa keessatti raawwatamus, wanti nuti beeknu, dhagna qabaan dhangalaasuu dhiigaa ta'uu isaati. Erra deebinee kutaalee barootaa duraanii kessaa akkuma yaadannutti dhangala'uun dhiigaa kun seenaa baroota hundumaa keessatti baay'ee barbaachisaa ture. Dhiigni dhangala'e cubbuu haguuguuf yokaan balleessuuf baayyee barbaachisaa ture. Amma Waaqayyo sabni isaa akka saba Waaqayyootti mallato (milkitta) dhiigaa kana akka baadhatanu barbaade. Sabni Waaqayyoo hundi isaanii dhiiga dhangala'een golbobamaniiru (haguugamaniiru). Sababii hidhata kakuu sanaa irraa kan ka'e, walitti dhufeenyi isani Waaqayyoo wajjin

qabanu nagaa(eegamaa)dhaa Waaqayyo ofii isaatiin Waaqayyoo isaanii of godhe (Lakkofsa 7); akkasumas isaan saba isaa(Waaqayyoo) ta'uu isaanii mirkaneesse(Lakkofsa 14)

IBSUU: Yeroo jalqaba ilaalamu kakuun Waaqayyo Abrahaamiin, Saaraay fi sanyii isaanii wajjiin galuudhaaf filata dhimma baay'ee cimaa hinfakkaatu. Garuu hubannaadhaan yoo yaadne, fedhiin Waaqayyo Waaqa isaanii ta'uudhaa fi isaaniinis saba isaa taasisuu godhate sadarkaa haaraa Waaqayyoon ittiin jajannu(ajaa'ibsiifannuu) dha. Lakkosota kana barbaadaatii, Waaqayyo kun eenu akka ta'ee fi sabni kunis eenu akka ta'an ibsaa:

1. Seera Uumamaa 1:1 fi Seera Uumamaa 1:27

a, Waaqayyo eenu akka ta'e: _____

b,Namni eenyu akka ta'e: _____

2. Seera Uumamaa 17:1

a. Waaqayyo eenu akka ta'e: _____

b. Waan waaqayyo nama erraa eegu: _____

3. Faarsaa 8:1-2 fi Faarsaa 139:14-16

a. Waaqayyo eenu akka ta'e: _____

b. Namni eenyuun akka ta'e: _____

4. Macaafa Ermiyaas Raajichaa 2:11,13,19 fi Macaafa Ermiyaa Raajichaa 33:8

a. Namni eenyu akkka ta'e : _____

b. Waaqayyo eenu akka ta'e : _____

Waaqayyo eenu akka ta'e ibsuudhaan,kutaa kana cuunfaatii

barreessaa: _____

Kutaa macaafa qulqulluu kana cuunfitanii barreessuudhaan namni eenu akka ta'e ibsaa barreessaa

KADHANNAA:Yaa Goftaa jaalllikee na keessaa burqa. Ati Goftaa Waaqaa fi lafa uumteedha. Ati Goftaa guutuu, kan mudaan hinqabnee fi Waaqa guddaa waan hundumaa dandeessuu dha. Maqaankee macca hundumaa irraatti guddaa dinqii dha. Ati uumaa kootiifi uuma saba lafa irraa hundaati. Ati jireenyi koo akka mudaan hinqabaanne barbaadda. Utuu guddaa taatee jirtuu, waa'ee kootii fi waa'ee dhimma kootii yaadda. Yaadakoo isa cubbuudhaan guutuu, jechootakoo hamaa fi hojiikoo jal'inaa hundumaa beekta. Garuu utuma kana beektuu cubbuu koo naa dhiisteeetta;dhiiga Iyyesuu fayisaa kootiitiinis namiicitee na qulqulleessiteetta. Jirenya koofi Waaqakoo naaf ta'uu kee mirkaneessiteetta. Akkasumas

saba kee keessaa isa tokko akkan ta'u na foo'atteetta. Kanaaf, si qofaafin kabajaa fi galataan lapheekoo ol fudha.

Kutaa 5^{ffaa}

SEENSA : Waa'ee jirenya Abrahaam itti fufuun dura, waan Isha'a'el irra gahe baruudhaaf dheebuu isin qabdanu isin baasna. Mee keessa haadeebinu. Saaraay hojjettuu ishee Hagaariin Abrahaamiif kennite. Abrahaamis ishee wajjin ciise; Aggaaris in ulfoofte. Aggaar ulfaa'uu ofii isheeti yeroo beekte, Saaraayiin tuffachuu jelqabde(Seera Uumamaa 16:4). Ergasii Saaraay hojii jibbiisaadhaan ishee gadi qabde. Aggaar immoo ishee jalaa in baqatte (Seera Uumamaa 16:6). Ergamaan Waaqayyoo lafa onaa keessatti Hagaariin in arge. Ergamaan Waaqayyoo akka isheen Saaraay giiftii isheetiif galtu, gad of deebistee harka ishee jala akka bultu Aggaaritti hime. Kana booda ergamaan Waaqayyoo sanyiin Aggaar akka baay'atuu fi baay'ina isaa irraa kan ka'e lakkaa'amuu akka hin dandeenye kakuu galeef.

Sagaleen ergamaan Gooftaa Seera Uumamaa 16 keessatti waa'ee ilma ishee ilaachisee Aggaaritti hime kan namaaf hin galle ture. Jalqaba irratti, ulfa ta'uun ishee mirkanaa'ee, akka isheen ilma deessu itti himameera. Maqaa isaaf Ishmaa'eel jettee akka moggaastu itti himameera. Hiikni maqaa issatii Waaqayyo Iyyakee dhagaheera jechuu dha. Kanatti fufee ergamaan Gooftaa Ishmaa'eel akka harree diidaatti in jiraata; inni nama hundumaa irratti harka ol in fudhata; namni hundinuus isa irratti hara ol in fudhata; namni hundumaa isaan morma, obboloota isaa wajjin diinummatti jiraata jedhee itti hime. Xumura boqonnaa kanaa keessati Aggaar Abrahaamiif akka ilma deesse, maqaan isaa Ishmaa'eel akka jedhamee moggaafame fi yeroo sana Abrahaam nama umuriin isaa wagga saddeettamii jaha ta'e akka ture hubanna.

SHAAKALA:

1. Yeroo itti aanutti Seeraa Uumamaa 17 keessatti waa'ee Ishmaa'eel dhageenya. Lakkofsa 18 keessatti Abrahaam waan Waaqayyoon kadhatu fakkaata yeroo akkas jedhe, "Ishmaa'eel illee utuu fuula kee dura jiraachuu danda'ee, in ga'a ture!" Waaqayyos Ismaa'eel akka eeba Waaqayyoo jala jiraatu, Abrahaamitti hime. Garuu Waaqayyo Ishmaa'elii wajjin kakuu isaa isa kan barabaraa akka hindhaabne itti hime
2. Seera Uumamaa 17:20 keessatti Waaqayyo waa'ee Ishmaa'eel maal jedhaa? "Waa'ee Ishmaa'eliif immoo ani siif dhada'eera,
 - a. Ani isa _____.
 - b. Akka inni _____.Sonaan _____. Inni _____.

-
- c. Ani isas _____.”
3. Guyyaa jalqaba Waaqayyo kakuu barabaraa isaaf kennetti Abrahaam abboomamuudhaan deebise. Seera Uumamaa 17:23-27 dubbisaa. Waa’ee Ishmaa’el waan jedhame hubadhaa.
- Lakkoofsa 23: Abrahaam maal godhee?
 - Lakkoofsa 24: Abrahaam yeroo dhagna qabate umuriin isaa waggaa _____ ture.
 - Lakkofsa 25: “...Ishmaa’el ilmi Abrahaam waggaa _____ ture.
 - Lakkoofsa 26: Gaafasuma Abrahaamii fi ilm isaa Ishamaa’el lamman isaanii _____
 - Lakkoofsa 27: Jara lamaanii wajjin kan biraa eenyutu dhagna qabatee?
-

Eebba ilmi Abrahaam argate argachuuf, namni tokko ilma Abrahaam ta’uu isa hin barbaachisu. Dhiirri hundinuu, kan mana Abrahaamitti dhalates ta’ee, kan qarshiidhaan orma irraa bitamee maatii isaatti makame dhagna qabateera. Kanaafuu eebba kakuu barabaraa jala galeera Maali hojiin ayyaana Waaqayyoo kuniifi, jaalalli isaa inni guddaan ilmaa namootaatiif hinmalle kun!

BARSIISA: Iyyesuusiin of fuulduratti ilaaluudhaan namoonni dhiigni isaa inni fannoo irratt dhangala’e sun dhiiga isa cubbuu keenya hunda aguugee dha(nurraa qulleesseedha) jedhanii kan amanan hundi tokkummaa(walitti dhufeeyna/firooma) Waaqayyo abbaa waliin uumanii kakuu sana jala galaniiru. Maal yaadni gaariin akkasii! ABrahaam,Ishmaa’elii fi namoonni kanbiraa kan maatii Abrahaam keessa turan gara kakuu barabaraa sanatti dhufuudhaaf yookiis argachuudhaaf waan godhani hinqabanu Waaqayyo jaalal isaa isa namaaf hinmalle sanaan gara Abrahaam dhufee hunduma isaaniitiif waadaa kakuusana fideef: Inni Waaqayyo isaanii in ta’a , isaan immoo saba isaa in ta’u. Kanaaf,akkuma kutaa itti aanu keessatti baranutti, Waaqayyo karaa cuuphaa gara keenya dhufeera. Waaqayyoo keenya ta’uu isaa fi nuti immoo saba isaa ta’uuf mirga argachuun keenya karaa ebba bisaanii fi sagalee isaa nuuf mirkaneesseera, “Maqaa Waaqayyo Abbaa, kan Ilmaa, fi kan Hafuura Qulquulluu”

KADHANNAA: Yaa Waaqayo Gooftaa, akkuma Ishmaa’elii wajjin kakuu galte, anaa wajjinis kakuu galiMiseensa maatii keetii keessaa isa tokko nagodhatteettaa. Mucaakoo jettee nawaamteetta. Ati abbaakoo isa Waaqa jiraattuu dha. Ati Waaqayyoo koo kanan waaqeffadhuu fi kana jaalladhuudha. Hojii

kee ayyaana keetiin jirenya koo keessatti hojjetteef galanni siif hata'u. Fayyinni koo guutummaan guutuutti waan ati naaf hojjeteen waan ta'eef galatoomi. Eebba kee jirenya kootti dhangala'e yeroo hundumaa hubachuu fi yaaduuf nadandeessisi. Keessumattuu eebba ati walitti dhufeinya ani siwajjin qabu ture karaa Iyyesuus Kiristoos fayisaa kootii naadeebisteef galanni siif hata'u.

Kutaa 6^{ffaa}

ABBALTII: Kutaan Ishmaa'eliin ilaallatu kan bira Seera Uumamaa 21:8-21 kessatti argama. Dhuma irratti Yisihaaqtu Abrahaamii fi Saaraayiif dhalate. Lakkofsota kana dubbisaa:

SHAAKALA: Ammas maatii Abrahaam keessatti jeequmsi in ka'e. Yeroo kana jeequmsichi maalturee?
Lakkoofsa 8: Maal jechuu keenyaa? Yisihaq guddatee harma in guufame, Abrahaamis guyyaa mucichi
harma guufame _____

1. Lakkoofsa 9: Garuu Saaraay maal
argitee? _____ Ilaalchi
haadha isaatii gara ilma isheeti darba.

2. Lakkoofsa 10: Kanaafis Saaraay Abrahaami irraa maal barbaaddee?
-

3. Lakkoofsa 11: Abrahaam baay'ee gaddee dhiphate. Waan hundaafuu Abrahaamif Ishmaa'el
-

4. Lakkoofsa 12: Abboommiin Yookis qajeelfamni Waaqayyo Abrahaamii fkenne maal turee?
-

Kakuun karaa ilma Abrahaam, karaa Yisihaq kennname.

5. Lakkoofsa 13: Ishmaa'eliin ilalchisee kakuun Waaqayyo Abrahaamif gale maalii?
-
-

BARSIISA: Waaqayyo baroota dheeraadhaan dure lafa onaa karaa Shuur gubbaatti yeroo Aggaar ulfa turte, kakuu isheedhaaf galee fi Ishaa'eliin hin irraanfanne. Amma Saaraay akka Abrahaam Xomboree ishee nama biyya Gibxi kan taatee, Aggaarii fi ilma ishee Ismaa'eliin akka manaa baasu abboomteetti. Waaqayyo Abrahaamiin akka inni Saaraayiin dhaga'u isa abboome. Kanaaf, Abrahaam ganama bariidhaan ka'ee, buddeena fi bishaan xiqqoo Aggaariif kennee, mucaa ishee Ishmaa'elii wajjin ishee adeemsise.

Lakkoofsi 14, jechoota akkas jedhuun xumurama, “She Isheenis _____
 _____ lafa onaa _____ keessa _____.” Kana dubbisuun salphaa ta’uu
 danda’ a, garuu abbaadhaaf, ilmaa isaattii addaan bahuun akkam rakkisaa ture laataa? Addumaan, abbaan
 mucaa isaa kna lammata deebi’ ee arguu dhiisuu danda’ u manaa baasee deemsisuun akkam rakkisaa fi
 ulfaataadhaa laata? Haalli sun maal fakkaata turee laataa? Waggoota kudha sadiif Abrahaamii fi
 Ishmaa’ el walii wajjin jiraataniiru. Shaskii tokko malee Ishmaa’ el yeroo guddachaa ture keessatti
 Abraamiif yeroo gammachuu baayyee kenneeraaf ture. Amma garuu haatii fi ilmi ishee manaa
 deemsifamainii gara lafa onaa Bershaabaa akka deemanu waan taasifameef, walitti dhufeenyi abbaa fi
 ilmaa isaa gidduu ture kun addaan citeera. Abrahaam buddeennii fi bishaanni Aggaariif ilma ishee,
 Ishamaa’ eliif kennname xiqqoo waan ta’ eef yeroo muraasa qofaaf isaan gahee akka jalaa dhumu beekeera.

SHAAKALA: Amma seenicha waa’ ee haadhaa fi ilmaa lafa onaa keessa jiranuu irratti itti fufa. Seera Uumamaa 21:15 keessatti bishaanich qalqala keessaa akka dhumee fi Aggar ilma ishee huuxxii tokko jalatti akka gate baranna.

1. Lakkoofsa 16: Itti fuftee Aggaar maal gootee? Maal yaadaa turree laataa?
-
-

2. Lakkoofsa 17: Booyich ilma isheetii in dhaga’ ame. “ Waaqayyoo
-
-

mucichaa _____; Aggaar _____ ? Mucicha
 iddo jirutti _____ hin sodaatin.

3. Lakkoofsa 18: Waaqayyo Aggaaritti maal akka isheen gootu itti himee?
-
-

4. Lakkoofsa 19: Yeroo isheen ija ishee banatte Waaqayyo maal Aggaaritti
 argisiisee? _____ Kana booda,
 Aggaari qaqla duwaa sanatti bishaan guuttee akka inni dhuguuf mucaa isheetiif kennite.

5. Lakkoofsa 20: Ishmaa’ el maal ta’ ee? Yeroo inni guddachaa turetti Waaqayyo muciccaa wajjin
 ture.

- a. Eessa jiraatee? _____
- b. Maal ta’ ee? _____
- c. Lafa onaa inni keessa jiraate maqaan isaa maalii? _____

- d. Haati isaa isheen nama biyya Gibxi taatee sun, eessaa haadha manaa isaaf argitee?
-

Kutaa 7^{ffaa}

BARSIISA: Jaalallii fi kennaan Waaqayyoo Ishmaa'eliif dhaabbataa(kan hinjijiiramne) dha. Nuti immoo, maaliif? jennee gaafanna. Innii fi haati isaa Abrahaamii fi Saaraayiin tuffatanii itti qoosani. Ishmaa'el maaliif jirenya isaa keessatti jaalalaa fi kennaan Waaqayyoo shaakaluu itti fufee? Seera Uumamaa 21:13, Waaqayyo Ishmaa'eliif maaliif akka inni amanamaa ture nutti hima. "Ilmi xomborettiis dhala kee waan ta'eef, _____." Innis ilma Abrahaami dha; kna dhagna isaa qabatee fi kan kakuu barabaraa jala jiraatuu dha. Ishmaa'eliif kakuu saba guddaa ta'uutu isaaf kennname. Kakuun Waaqayyoo kan isaati.

Ayyaanni Waaqayyoo, jaalalli Isaa inni ilma namaaf hin malle sun, hunduma keenya irra in bu'a. Namoonni biyya lafaa keessa jiranu baay'een isaanii, jaalala Waaqayyoo isa guddaa, isa ilmaan namootaatiif hin malle kana ; isa qajeelotaa fi jalloota irratti dhangale'e kana hubachuu hindanda'anu. Nuti bokkaa wajjin isa ilaalla. Inni bokkaa fi bishaan isaa hunduma keenyaaf dhangalaasa. Namni tasuma jaala isaa bira gahuu hindanda'u; jaalala isaa kanaafis kan male miti yookaan jaalalli kun kan isaaf ta'u hinturre. Jaalalli isaan jalqabamee, namoota hundumaaf kennname. Ergaa Yohhaannis isa duraa 4:19 keessatti akkas jedha, "Inni draan dursee waan nu jaallateef, nuyis kottaa in jaallanna."

SAMMUUTTI QABACHUU: Amma yeroo itti kutaalee macaafa qulqulluu, mana kitaabaa sammuu keenya kessa fidnuu dha. Gara Warra Rooma 6:3-4 keessatti, cuuphamuu keenyaan Kirstoos Iyyesuusiin jirenya haaraa akka qabnu, akkuma inni cubbuu keenyaaf nuu du'e, nutis cuuphamuu keenyaan cubbuu jalaa akka dune, akkuma inni warra du'an keessaa kaafame, nuyis isaan jirenya haaraan akka nuuf kennama nuyaadachiisa! Lakoofsa kana lamaan kaardii yaadannoo keessanii(Indeeksi kaardii) kessan irratti barreesuudhaan jalqabaa. Turban guutuu erra deddeebi'aa dudubbisaatii samuutti(yaadatti) qabadhaa. Yeroo fudhaatii gaaffilee armaan gadii deebisaa:

1. Dhiifamuu cubbuutiin kakuu barabaraa jala galuu kessan beekuu fi bu'aa cubbuu jalaa birmaduu bahuu kessaniin jirenya haaraa argachuu keessan beekuun isiniif (jirenya keessaniif) garagarummaa maalii fida (agarsiisaa)?

2. Yeroo anii fi isin akka Abrahaamii fi Ishmaa'el ebba Waaqayyoof nama ga'umsa qabu ta'uuf waan goonu tokko hin qabne Waaqa keenya ta'u isaa fi nutis saba isaa ta'u keenya

mirkaneessuu isaa yaaddanu deebii yookaan ibsa akkamii kennituu?

Gara dugda kaardii keessanii isa ergaan gara warra Roomaa 6:3-4 erra jirutti ,*Dhuunfaan Hojii irra Oolchuu* jedhaa barreessaa. Yeroo lakkofsa kana hubachaa adeemtanutti, kakuu barabaraa cubbuu dhiifamee jala jirenya haaraa, kan gaabbii fi leeyyoona/saalfiin keessa hinjirre, birmadummaa qabu yeroo jiraattanu hubannoona haaraan ykn argannoon bira geessan kun jirenya haaraa jiraattanuuf maal jechhuu akka ta'e yaadaa.

KADHANNAA: Yaa Waaqayyoo, jaalallikee inni nuuf hin malle hunduma keenya irratti dhingala'eera. Galanni siif hata'u. Thank You. Jaalala kee kana miidhagina guyyaa haaraa keessatti yeroo hundumaa nan arga; jaalala daa'imaa keessatti nan arga; michooma fi hiryumaa namoota naannoo kootii keessatti nan argaA, galatoomi. Jirenya bara barabaraa ani si wajjiin jiraadhuuf kan bnabarbachisu ayyanaa kee qofa ta'uu akan amanu nadandeessisi. _____

Kutaa 8^{ffaa}

KEESSA DEEBI: Mee keessa deebiidhaaf yeroo hafudhannu. Barumsa darbee keessatti namoota bay'ee fi iddo yookaan biyyoota baay'eedhaan wal barreerra. Gabatee kenname keessatti gara bitaatti jechi kenname nama yookiis iddo agarsiisuu isaa addaan baasaa. Isa booda immoo, kutaa gara dhumaatti jechoota waa'ee tokkoon tokkoon namootaa yookaan iddo ibsamee ilaachisee qo'annoo keessan darbe keessatti maal akka barattan barreessaa. Deebii yaadachuu hindandeenye argachuuf immoo kutaa macaafa qulqulluu agarsiifamanitti gargaaramuu hin shakkinaa. Kun battalee(qormaata/teestii) miti!

IDDOO/NAMA

BARUMSA

Kaaraan (Seera Uumamaa 12:4)		
Abrahaam (Seera Uumamaa 11:27, 31)		

Saaraa (Seera Uumamaa 12:5)		
Ur biyya Kaldootaa (Seera Uumamaa 11:31)		
Kana'aan/Warra Kana'aan (Seera Uumamaa 10:6, 15-19)		
Looxi Seera Uumamaa Genesis 12:5		
Aggaar (Seera Uumamaa 16:1)		
Ishmaa'el (Seera Uumamaa 16:15)		
Abrahaamm if Saaraa (Seera Uumamaa 17:5, 15-16)		
Keebroon (Seera Uumamaa 13:18)		

BARNOOTA SADAFFAA

**DHUGUMAAN WAN
TI WAAQAYYOON DHIBU
(WAAQAYYOOF HIN
DANDA'AMNE)
JIRAAREE?**

SEERA UUMAMA 18-KEESSUMOOTA

AGARSIITUU MARNOOTA SADAFFAA

Agarsiistuu: Seera Uumamaa 18	29
Seensa	30
Barnoota 3: Seera Uumamaa 18	
• Abrahaam keessummoota simachuu isaa	31
• Saaraay kolfuu ishee	33
• Hojii irra oolchuu: Namoota simachuu	34

WANTI WAAQAYYOON DHIBU JIRAAREE??

SEENSA

Shakkii malee hundumti keenya waan cimaa hojjechuun nu dhibu yaaduu in dandeenya. Kana jechuun hundumti keenya waa'ee waan nuuf hindanda'amnee yaaduu ni dandeenya. Nama waan taaneef dandeettiin keenya daangeffamaa dha;hir'innas qabna. Waan muraasa qofaa hojjechuu dandeenya. Barnoota kana keessatti, Abrahaamiin gaaffii kanatu dhiphise, "Dhugumaan wanti waaqayyoof dadhabame jiraaree?" Deebiin isaa ifaa fakkaata. Lakki, wanti Waaqayyoof dadhabamu hinjiruu. Hundaan ollitti , Waaqayyo uumaa bantiwaan waqaaf fi lafaati.

Seera Uumamaa 18 keessatti dhima rakkisaa Abrahaamii fi haadha manaa isaa, Saaraayiin quunname ilaaluuf dirqamna. Jarri dulloomaniiru;Saaraayis umurii itti ulfaa'uu dandeessu dabarteetti . Deebiin Saaraay amanuu dadhabuudhaan kolfitee,gaaffii kana gaafatte, " Anoo amma dulloomeeraa, mucaa da'uu nandanda'aa? Waaqayyoo akkas ittiin jedhe, " Wanti Waaqayyoof dadhabame jiraaree?

Waaqayyoo akka Saaraay deessu kakuu isaa Abrahaamiif dhaabuu itti fufe. "Abrahaam Waaqayyoon amane, Waaqayyoos qajeelummaatti isaaf lakkaa'e" Waa'ee haala sanaa hundi waan amanamu hinturre,Abrahaam garuu Waaqayyoon amane. Kakuu kan galee Waaqayyoon ture. Waaqayyo Abraam ilma dhalcha jedhee dubbateera. Waaqayyo Abrahaamiif abdii kenne. Waaqayyo waan hinsobneef, Abrahaam Waaqayyoon amane (Ergaa gara warra Ubrootaa 6:18). Lakkii, wanti Waaqayyoof dadhabamu hinjiru! Utuu Waaqayyo har'a mana keessan dhufee, isin isa in simattuu? Jirenya keessan keessaa isiniif wanti hindanda'amne, kan Waaqayyo in danda'ama jedhee isinitti himu malii? Waan darbeef dhiifama gochuu dadhabuu dhaa, moo gadda nama jaallatanuu kan isin duraa du'e irraa jajjabaachuu dhabuudhaa? Tarii jirenya keessan keessaa wanti hindanda'amne, hirrina jaalalaa fooyyesuudhaan sirraa'uu danda'a. Isinumi muteeffadhaa. Want jirenya keessan keessa jiru Waaqayyoof rakkisaa yookaan cimaa miti.

Kannatti dabalee wanti ilaalu tokko jira ta'a. Wanti nu rakkisa Waaqayyoof rakkisaa miti. Cubbuu kanaan duraa kan nuyi irraanfachuu dadhabne,Waaqayyo lamuu deebi'ee hinyaadatu (Ermiyas 31:34) (Ermiyas 31:3) Jaalala nuyi abdii kutannaadhaan barbaannu, Waaqayyo jaalala barabaraa nuuf kenna (Ermiyas 31:3). Nageenya walitti dhufeenyaa kan kofaa ta'uu fi dagatamuun nutti dhaga'amuu irraa nu eegu, kakuu, ani sindhiisu;sin buusus jedhu nuuf kenna(Ibroota 13:5). Wantoonni kun Waaqayyoof salphaa ta'uu isaanii irratti, kakuu Waaqayyooti. Inni sobuu hindanda'u Dubbiin isaa dhugaadha, dhugaan immoo eenyumaa isatiif hundeedha.

Nuyi namoota karaa biyya lafaa kanaa irra bu'uu barbaade, jaallachuun Waaqayoof baay'ee rakkisaadhaa(Efesoon 2:1-10Nuyi namoota isattii gargar baanee jiraachuu filanne, kan diina isaa taanee

jirachuu foo'anne, jaallachuun Waaqayyoof baay'ee rakkisaadhaa? Nu jaallatee, ofii isaa wajjin warra jiraataa nu taasisuun Waaqayyoof baa'ee rakkisaadhaaKenna isaa, jirenya barabaraa bilisa Waaqayyoon bira, karaa Kiristoos Iyyesuus fudhacuun nuuf baay'ee rakkisaadhaa? Hojii gaarii akka hojjennuuf karaa Iyyesuus nu uumuu isaa amanuun nuuf baay'ee rakkisaa dhaa? Waaqayyo isa, "Ayyaanni koo si gaha, humni koo dadhabbi keessan mul'ata (2 Qorontoos 12:9)" jedheef galanni hata'u.

WAAQAYYOOF WANTI DADHABAME JIRAAREE?

Kutaa 1^{ffaa}

BARSIISA : Yeroo seenaa isaanii dhageeffannu, waa'ee namootaa baay'ee baranna. Yeroo baay'ee namootaa wajjin muuxannoo walfakaata yeroo hirmaannu, yookaan yeroo namoota seenaadhaan waa'ee isaanii nuuf ibasanu yeroo fudhannee dhaggeeffannu, namootaa wajjin walii gallee, dhumarratti hiryoota baay'ee walitti maxxananu taana Barumsa kana keessatti, seenaa adda adda afur, kan Abrahaamii fi maatiin isa keessatti hirmaatan dubbisna. Seenaan kun Seera Uumamaa 18-22 keessatti argamu. Yeroo seenaa kana dubbisnu, gaaffii sadii gaafanna:

Dhugaan seenaa kana keessa jiru maalfaadhaa? Fakkeenyaaf: Taatonni(Hirmaattonni) seenaa kanaa enyuun fa'ii?

Seenaan kun eessatti raawwatamee? Wanti sirriitti ta'e maalii?

Waa'ee Waaqayyoo fi waa'ee sanyii ilmaan nama seenaa kana keessatti dhugaan nuyi barannu maalii?

1. Jirenya mataakootii yeroon jiraadhu, seenaan kun anaaf hojii maalii naaf qabaa?

Kana irratti dabalataan, abbaltii dubbisaa, seenaa kana giduutti kennaman akka dubbistanu isin jajjabeessina. Yaadadhaa, Seenaan kun wantoota macaafa qulqulluu keessatti ta'an hunda kan aammate miti. Garuu seenaa muraasa kan qo'annoo gara fuulduraatiif bu'uura ta'anuun jalqabna. Deemsichi itti eegaluuf jedha. Seenaa isa jalqabaa keessatti waa'ee keessumoota sadii, guyyaa tokko Abrahaamii fi Saaraayin daawwachuu dhufanii ilaalla. Daawwannaan kun jirenya isanii barabaraan jijiiruuf jira.

ABBALTII: Seera Uumamaa 18-1-15 dubbisaa

Shaakala: *Dhugaa* seenaa sana keessa jiru barbaaduu...

1. Seerri uumama 18:1 seenaa dhugaa isa seenaa sana keessaa bifaa fakkeenyaatiin eegala.
Abrahaam eenyyunii? _____

2. Abrahaam eessa turee;maalis hojjechaa turee? _____
3. Guyyaa keessaa sa'aa meeqa turee?

4. Eenyuu isatti dhiyoo ijajju argee? _____
5. Yeroo jara argae maal godhee? _____

Gaaffilee: Eenyu iyyuu homaa gochuu hindanda'u garuu gaaffii qofa gaafata.Fakkeenyaaaf:

- Namoonni kun eenyuun faa turanii?
- Abrahaam eenyu akka isaan ta'an beeka turee?
- Wanti inni lakkofsa 2 keessatti godhe waan amaleeffatamee dhaa?
- Namoota isa gaafachuu dhufanu hundaaf akkas ingodha turee laataa?
- Gaaffin isin qabdanu maalta'u danda'aa laataa?

- Gaaffin kan biraa maal ta'u danda'aa?

SHAAKALLI ITTI FUFA: *Dhugaa* dabalataa...

1. Lakkofsa 3 keessatti Abrahaam namoota sanaaf maal
kennee? _____
2. Lakkofsa 4 keessatti affeerraan Abrahaam haalla ho'aadhaan ittifufa

3. Simannaa jaalalaa akkasii (lakkofsa 5)!

IBSUU:

- Yeroo namoonni hawaasa isa tokko keessa gara isa tokkoo deemanu, keessummaa'uun yokkan simatamuun barbaachisaa dha. Abrahaam yeroo keessummoota isaa simate, ilaalcha akkamii isa irraatti argituu?

- Abrahaam keessummoota isaa duratti gad of deebise. Miila isaanii isa karaa dheeraa deemuudhaan dadhabeeif bishaan dhiheessufiidhaan, akka isaan aara galfatanu waan isaan barbaachisu i guutuufii barbaade. Osoo isaan adeemsa isaanii itti hinfin dura, nyaata dhiyeesseefi akka isaan human isaanii haareffatanu godhe.
Simatamuun/keessummeefamuun namoota injajabeessa/in haareessa. Yaada keessan armaan

gaditti barreessaa: _____

Kutaa 2^{ffaa}

SHAAKALLI ITTI FUFA: Amma illee dhugaa dabalataa...

Itti fufee waan Abrahaam hojjetu ilaala. Saaraayin maal hojjedhu ittiin jedhee?

-
1. Filannoo foo'ate; dibicha ba'eessa foon isaa laafu tokko fuudhee; isa booda hojjetaa isaa maal

akka godhu ajajee? _____

-
2. Itti dabalee, nyaata sanaa wajjin maal fidee isaan keessumeessee (affeeree)?

-
3. Abrahaam nyaata sana isaan dura kaa'ee, yeroo isaan nyaatanutti maal
godhee? _____

Inni jara tajaajiluu qophaa'aa waan tureef , waan isaan barbaachisu hunda argachuu isaanii
mirkaneeffachuu barbaade. Simannaan isaa fi keessummeessuun isaa hundi keessummoota isaa
qofaaf ture. Waan keessummoota isaa aara galfachiisu hundumaa dhiheessuuf baay'e fedhii qaba
ture.

4. Haasaan Seera Uumamaa 18:9 keessatti jalqabe...

- a. Jarri maal gaafatanii?

-
- b. Deebiin Abrahaam maalii? _____

-
- c. Kakuun lakkofsa 10 keessa jiru maalii?

-
5. Waggoota kana hundumaa raawwatamuu kakuu kanaa eegaa turen. Qaan ni isaanii kana booda
mucaa godhachuu hindanda'u; amma garuu yeroo baay'ee dheeraa booddee Gooftaan itti
mul'atee, Abrahaamiin bara dhufu yeroo akkasii Saaraay ilma deessi jedhee itti hime. Yeroo jarri
waliin haasa'anu Saaraay eessa turtee (Lakkofsa 10)?

-
6. Lakkofsi itti aanu kakuun kun hamma akka inni rakkisaa ta'e nu yaadachiisa. Lakkofsa 11
keessatti maaltu nutty himamee? Abrahaamii fi Saaraan

Saaraa irraa

7. Deebiin Saaraan kakuu Waaqayyoo kanaaf deebiste maal turee?
8. Waa'ee kakuu namoonni kun fidanii dhufanii Saraan maal yaaddii? “Ergan dulloomee dadhabee _____?”
9. Kana booda Gooftaan akkas jedhee Abrahaamiin gaafata, “Maaliif Saaraan, _____?”
10. Saaraan kana booda raawwatamuu kakuu sanaa tasuma amanuu hindandeenye. Lakkofsa 14 keessati, kolfa Saaraatiif deebiin Waaqayyoo kenne maal turee?
11. Amma Gooftaan erra deebi'ee kakuu sana itti hime: “Bara eger yowwana ani _____
12. Amanuu dadhabuu ishee ira kan kae, Saaraan _____ (Lakkofsa 15).
Kanaafuu gochaa ishee jechootaan gantee, “Ani _____,” jette.
13. Garuu Gooftaan gochaa isheetiif itti gaafatamtuu ishee taasisee, akkas ittiin jedhe, “
_____.
Isa qofaatuu eenyuun akka ta'e ofii isaa isheedhaaf mirkaneesse. Isheen “ ofitti kolfite...”
Waaqayyo qofatu booy'icha garaa ishee dhagahee, sagalee kakuu isaa kan isheef Abrahaamiif galame akka amantuuf ishee waame.

Kutaa 3^{faa}

WAA'EE WAAQAYYOO MAAL BARANNAA? Jalqaba barnoota kanaatti, seenaan kun waa'ee Waaqayyoo waan isaan mul'isanu akka illaallu nutti himamee ture. “ Seenaa Abrahaamii fi seenaa namoota sadan isa bira dhuanii irraa waa'ee Waaqayyoo maal baqrannaa?” Keektonni macaafa qulqulluu namoonni ku sadan ergamoota lammaa fi Waaqayyo bifaa namaatiin Abrahaamitti mul'atee dha jedhu. In mul'ata ture; buddeen nyaateera; Abrahaamii fi Saaraa waliin haasa'aeera.

Wal argaan kun waa'ee isaa maal nutti himaa? Yaada keessan kan seenaa kana calaqisiisuu armaan gaditti barreessaa...

Amma, Waaqayyo qaamaan dhufee akka Saaraan ilma deessu Abrahaamitti hime. Yeroo Waaqayyo Abrahaamitti hime, Saaraan amantii dhabuudhaan kolfite. Waan danda'amu miti. Yeroo Waaqayyo maaliif kolfite jedhee ishee gaafate, sodaadhaan haguugamtee, soba dugda booddee of dhoksite. Utuu kolfituu qabamtu illee, hojiin Saaraa Waaqayyoon akka inni kakuu isaa karaatti hambise hintaasifne. Abrahaamiif Saaraan amantii yoo dhaban illee, Waaqayyo amanamummaadhaan waan nanraawwadha jedhee dubbate raawwate.

DHUUNFAADHAAN HOJII IRRA OOLCHUU: Qo'annoo seenaa kana irratti goonu osoo hinxumurin, gocha sagalee Waaqayyoo fi jirenya keenya walitti qabsiisu addaan baasnee beekuu qabna. Karaa seenaan kun seenaa qofa ta'ee hafuu irra darbuu danda'u argachuu qabna.

1. Abrahaam yeroo iinni keessummoota kanatti kabajaa fi arjummaa agarsiisu ilaalla. Simannaan kabajaa Abrahaam godhe kun fakkeenymmaa gaarii of keessaaa qaba. Nama beekamaa, kan baay'ee barbaachisaa dha jettannii illaltanu tokko mana keessanitti simattanii keessumeesuu keessan ni yaadattuu? Namni kun tarii itti gaafatamaa/oogganaa, barsiisaa keessan, gorsaa keessan, yookaan nama baay'ee kabaje kennitanuuf, ta'uu danda'a. Tarii hiryaa keessan yookiis nama magaalaa keessaniin alaa kan yeroo dheeraadhaaf utuu hinargin turtan ta'uu danda'a. Nama barbaachisaadha jennee yaadnu tokkotti simanna gaarii itti agarsiisuun waan tokkoodha.

Mee amma haala itti keessummoota yookiis nama baay'ee ittiin wal hinbeeknee fi walitti dhiheeny hinqabne tokko keessummummaa simmachuuuf yeroo itti carraa argattan tokko yaadaa. Yaada sammuu keessanitti dhufan keessa muraasni maalii? Namni sun eenyuun ta'uu danda'aa laataa? Simanna keessan akkamiin itti agarsiistuu? Waan kanaa dura gootanu irraa waan addaa gootuu? _____

-
2. Ibroota 13:2 iraatti hundaa'uudhaan tarii keessumicha gammachiisuu yaaduu filachuu dandeessu ta'a. Lakkoofsa kana keessatti keessummoota akka gammachiisnu jajjabbeeffamna. Isiniif keessummaan keessan eenyuun ta'uu danda'aa laataa?
 3. Yeroo seenaa kana irra deebitanii dubbistanu, Waaqayyo Waaqa yeroo hundumaa sagalee isaatif amanamaa ta'e ta'uu irratti ibsa kennaa(yaada keessan calaqisiisaa). Yeroo shakkii fi amantii dhabuudhaan kolfinu illee Waaqayyo, jaalala isaa isa guddaa nuuf hinmalle sanaan deebii nuuf kenna. Yoo nuti amanuudhaaf amanamummaa dhabne illee gochaan Waaqayyoo nu irratti jaalala fi gara laafummadha. Yeroo waan amanuudhaaf rakkisa ta'e tokko dhagahuun, amantii dhabuudhaan keessa keessanitti utuu kolfitanuu of argitan, waa'ee Waaqayyoo maal barachaa jirtuu lataa? _____

KADHANNAA: Abrahaam gad of deebisee keessummoota isaa simatee, mana isaa isaaniif bane jaalala isaa isaanitti mul'ise. Wantoota ani godhee fi ani hingoone irratti hundooftee osoo hinta'in, akkaumatti jaalala qulqulluudhaan akka najaallateefi jaalalakee akka natti mu'iste ani beeka. Siin baruuf yeroon baradhu keessatti atiakkuma jette ta'uu kee akkan amanu amantii akka naaf kennitun si kadhaha. Jirreenyan jiraadhu keesatti immoo, "Waaqayyoof wanti dadhabame hinjiru" jedhee akkan manuu danda'utti, amantii naaf kenni. Ameen! _____

BARNOOTA AFURAFFAA

KURNANIIF JETTEE

SEERA UUMAMAA 18:16-33-

ARGISHIISTUU BARNOOTA 4^{FFAA}

Mul'istuu

35

Seensa

Barnoota 4ffaa: Seera Uumamaa 18:16-33

- Karoora Waaqayyoo
- Iyyata Abrahaam
- Waaqayyo, Abbaa murtoo Qajeelaa
- *HIIKA: Gidduu galuu/araarsuu*
- Barnooticha hojiirra oolchu

KURNANUIIF JETTEE

SEENSA

Kutaan barnoota 4ffaa kun gabaabaadha garuu barumsa gocha irra hundaa'e waanta'eef, namootaa kaanii fi haalota hundumaa kadhannaadhaan fuula Waaqayyoo akka fidnu nu gargaara/nukakaasa. Kadhannaan karaa namoonni Waaqayyoo ittiin Waaqayyoon galateeffatanu, isa jajatanu, fi dhimmoota adda addaa fuula Gooftaa durattu ittiin dhiyeessanuu dha. Kadhannaan dhimmoota keenyaa fi waa'ee namoota kaaniif fuula Waaqayyootti dhiheessuuf carraa nuuf kenna. Kadhaannaan namoota kaan bakka bu'anii kadhatanu kun, kadhanaa gidduu galuu yookaan araarsuu jedhama.

Mucaan obboleessa Abrahaam magaalaa Sodoom keessa, gara naannoo kibbaa biyya Kana'aan keessa jiraata ture. Hammeenyii, jal'inni fi cubbuun namoota magaalaa Sodoom baay'ee gudaa ta'ee Waaqayyoon waan gaddisiiseef, Waaqayyo magaalatti balleessuudhaaf Waaqa irraa gadi bu'e. Waaqayyo wanta gochuu jedhu Abrahaamitti hime. Abrahaam garuu karoora Waaqayyo magaalattii balleessuudhaaf qabatee wajjin akka salphhatti waliin akka hingalle hubanna. Waa'ee namoota qajeelotaa biyya sana keessa jiraatanuu gidduu galee Waaqayyoo wajjin dubbatee akka inni Waaqayyoon kadhatu argina. Qajeelonni maaliif jalootaa wajjin balleeffamuu? Sana booda Abrahaam yeroonni araaraaf gidduu galu argina, "Yoo qajeelonni 50...45...40..." gaafatee dhuma irratti "Yoo qajeelonni kudhan qofti magaalattii keessa jiraatan hoo..." . Gooftaanis waa'ee qajeelota kurnaniif jecha magaalaa Sosoom hinballeessu jedhee kakuu galeef. Abrahaam Waaqayyo abbaa murtoo macca lafa iraa ta'uu isaa fi murtoon isaas qajeelaa ta'uu isaa beeke.

Barreessaan macaafa Ibroota, nuyis kan nuuf kadhatu akka qabnu nutti hima. Ibroota 7:25 keessatti , Iyyesuu warra karaa isaa gara Waaqayyo Abbaa dhufanu raawwatee fayisuu in danda'a; sababin isaa inni yeroo hundumaa isaaniif kadhachuudhaaf jiraata. Waa'ee cubbuu keenyaaf jedhee yeroo tokkoo fi yeroo dhumaatiif aarsaa godhee waan of kenneef, waa'ee keenyaaf Waaqayyo Abbaafi nu gidduu gala(nuuf dhaabbata). Nuti waan sodaanuu hinqabnu. Araarsanii fi giddu galeessi keenya, Gooftaan Iyyesuu, inni Waaqa guutuunii mudaa hinqabne ta'e, waan nuti offi keenyaaf gochuu hindandeenye nuuf gochuudhaan dhagahameera. Amma inni addabbii nuti cubbuu keenyaaf jecha adabamuu qabnu nurraa calaasee, nuuf dhaabbateera.

Waa'ee gidduu galuu yookaan araarsuu/kadhachuu kanaa ilaachisee kutaan dabalataa tokko jira. Nuti namoonni amanuudhaan maatii Waaqayyoo taane, maqaa Abbaa keenyaa Isa Waaqa irraa waamnee

akkaniisaanif garaa laafuu fii akka addabbii jaraaf maluutti akka inni issaan hinadabne, waa'e maatii keenyyaa fi hiryoota keenaaf kadhachuudhaaf carraanii fi itti gaafatatumummaan nuuf kennameera.. Nuti akka araarsitootaatti bakka hirrinni jiru akka dhaabbanu waa'ee namoota kaaniitiif carraan nuuf kennameera. Isaaniif kadhachuudhaa fii isaanii wajjin kadhachuudhaaf waamamneerra. Akkuma Waaqayyo Abbaan akka inni nuuf isa gidduu dhaabbatuuf Iyyesuusiin nuuf kennetti, nutis immoo waa'ee namoota hundaa, kan amananiifi kan hin amanneef isa dura, kadhataan fi waammataan akka dhaabbanu nu jajjabeessa. . Kadhanaan keenya akka Waaqayyo namoota warra kaanis jaalala isaa isa ho'a qabeessa keessa jiraachuutti fiduu dha.

Yeroo Abrahaam akka Waaqayyo qajeelota , jalootaa wajjin hinballeessine Waaqayyoon gaafatu haala Abrahaam dubbifadhaa. Barnoota 5^{ffaa} keessatti bu'aa kadhannaaraaaraasuu/giduu galuu Abrahaam godhee baradhaa.

KURNANIIF JETTEE

Kutaa 1^{ffaa}

SEENSA: Seenaan Seera Uumamaa 18 keesa jiru keessummoon Abrahaam sadan bahanii deemuuf fi karaa isaani itti fufuuf erga qophaa'anii booda itt aanee waan ta'e nutti hima. . Seenaan kun seenaa odduu gammachiisaa fi oduu gaddisiisa of keessa qabuudha. Oduun gammachiisaan isa Gooftaan Abrahaamiin bara eger yroo akkanaa deebi'ee nandhufaa, Saaraanis ilma in deessi kan jedhee dha. Gamadaa! Battaluma sana, seenaan oduu gaddisiisa osoo hindhifin, Abrahaamii fi Waaqayyoon gidduutti haasaan jalqabame. Seenaan sunis seenaa waliitti dhiyeeya michooma isaaniiti. Dammaqaa. Hubannoo walitti dhufeenyaa/michoomaaf of eegannoogodhaa.

Ammas yeroo tokko , qo'anno kana yeroo itti fuftanu, rakkinni keenya maal fa' akka ta'an yaadadhaa) Dhugaa seenaa sana keessa jiru ilaaluu b) Waa'ee Waaqayyo fi waa'ee namummaa ilaachisee dhugaa bira gahuu, c) seenaa sana keessa dhimma gochaan walqabatee , hojiitti jijiiramee,jirenya keenya guyyaa guyyaa wajin walitti dhufeenyaa qabu argachuu.

ABBALTII: Seera Uumamaa 18:16-33 dubbisaa.

BARSIISA: Simannaan Abrahaam dinkaanaa isaa keessatti godhe, naannoo keessummoonni sadan sun, keessatti isaaf Saaraadhaaf oduu gammachiisaa mucaa kakuu galamee itti beeksansi uume. Amma dhugaa bira gahuudhaafi ilma haaraa eeguuf yeroo gahaa qabu. Amma yaada keessaniin, Saaraadhaa dhimma waan daa'immaaf barbaachissutti hojiin itti baay'atee, waan mucaan ittiin guddifamu, deddeebitee daa'imman ilaaluun, meeshaa daa'immaa haareessuu, siree daa'maa bituu, minjaalaa fi baattuu mucaa

jijiiruu, meeshaa qulqullina daa'imaan kan torbanii toora galchuu, yaaduu dandeessuu? Kun sammuuf yeroo yaadamuu xiqqoo ba'aa ta'uu danda'a, garuu haala seenaa sanaan walqabsiifnu nuuf fiduu danda'a. Ji'oota itti aananu baay'eef wantoonni xiqqoo fakkaatanu kun dhimma kakuu galamee achii as dhfaa jiru kanaaf karoora barbaachisaa ta'a.

Keessummooni sadan deemuuf ka'ani. Amma ergaa isaanii Abrahaamiin waan gahaniifi deemsaa isaanii itti fufuu barbaadani. Wantoota biraan kan hoijetamuun erra jiru qabu. Lakoofsa 16 akkas jedha, "Namoonni sadan sun yeroo achii ba'an, ija isaanii _____ irra buufatan..." Kallatiidhaa fi dhiheenya iddo hubachuuf, iddo kanatti kaartaa qo'achh barbaachisa. Kaartaa dhuma macaafa qulqulluu keessanii irratti kennaman keesaa warra jalqabaa lamaan yokkan sadan ilaalaatii gallanni ciisaan 'galaana du'aa' jedhamee beekamu eessa akka jiru agarsiisaa. Gara Lixaatti, karaa galaana ciisaa du'aa(Dead sea) uirraa harka sadii keessaa harka tokko gara Kibbaatti qabattanii yroo deeemtanu bakka Kebroo jedhamtu argitu. Kukoonni Mamree gurgudaan lakoofsa 1 keessatti ibsame Kebroon keessatti argama(Seera Uumamaa 13:18 ilaala). Iddoon kun bakka Abrahaam jiraateefii iddo keessummoon sadan itti dhufanii dha. Lakkofsi 16,ija isaanii Sodoomi irra buufatan jedha. Sodoom kallattiin ishee eessa akka ta'e sirriitti hinbeekamu. Garuu beektonni macaafa qulqulluu, kallattii namoonni sadan ilaalanin gara Kibbaa akka taatee fi ol ka'umsa lafa ishee gadi bu'aa akka ta'e tilmaamu. Lakoofsi kun itti dabalee yeroo namoonni kun sadan bahanii gara Sodoomitti deemsaa jalqaban, Abrahaam takka wajjiin deeme jedha. Ammas keessummoon isaa kun aadaa simmanna ho'aa ta'e isa kan Abrahaam akka argaa/shaakalaa jiranu ilaalla

SHAAKALA: Lakkofsa 17 keessatti Gooftaan yaada mataa isaa muraasa nutti argisiisa. Mee waan inni jedhu dhaggeefadhaa....

1. "Ani wantan gochuuf jedhu _____ ?"
2. Lakkofsa 18: "Abrahaam _____ in ta'a; _____."
_____.
3. Lakkofsa 19: "Ani Abrahaamiin _____

isaaan abboomuu Isa irra jira."
4. Lkkofsa 20 keessatti Waaqayyo waa'ee Sodoomii fi Gomoraa Abrahaamitti hima. Waaqayyo maal jedhaa?

Kutaa 2ffaa

Gaaffilee:

1. Garagaruummaa Abrahaam Seera Uumamaa 18:18,19 keessa jiruufi kan yeroo inni Sodoomii fi Gomoraa turee gidduu jiru malii (Lakkoofsa 20 fi 21)

2. Waaqyyo Abrahaamiin foo'ateera, eebbiseraa akkasumas karaa isaa hojji qajeelinaa hojjeta. Abrahaamiif lanfa/biyya, dahaloota itti fufu/sanyii, fi qabeenya kenneef. Waan dunda irra caalaa Waaqayyo Waaqayyo Abrahaamii fi sanyii isaatiif Waaqa ta'uuf kakuu galuun isaa tokkomaa(walitti dhufeenya) Abrahaamii fi Waaqayyoon gidduu jiru cimse(Seera Uumamaa 17:7). Akka Seeri Uumamaa 18-17-21 ibsutti, gaaffii mataa isaatiif, deebiin Waaqyyoo maal turee?

3. Utuu Abrahamiin taatanii, yaada Waaqayyo keessa galuun isiniif hiika maalii isiniif kennaa dhaa?

SHAAKALLI ITTUMA FUFA: Namoonni lamaan fuula isaanii achi garagalfatanii adeemsa isaanii gara Sodoom itti fufani.

1. Lakkoofsa 22: Garuu waa'ee Abrahaam maal barannaa? “Abrahaam _____.”
2. Lakkofsa 23-25 keessatti fuula Waaqayyo dhaabbatee dhimma isaa ibsachuuf ija jabummaa Abrahaam qabu mul’isa. Jalqabatti gaaffii sadii gaafate:

- a. _____ ?
- b. _____ ?
- c. _____ ?

Abrahaam Waaqayyo qajeelaa fi “abbaa firdii guutummaa biyya lafaa” ta’uu isaa beeka (lakkoofsa 25). Dhimma isaa ibsachuu yeroo itti fufetti Abrahaam qajeelummaa Waaqayyo fi abbaa firdii qajeelaa ta’uu isaa hubachiisaa ture.

- a. “Yoo sirraa fagaate _____ yoo sirraa fagaate!”

- b. “Nama qajeelaa _____?”

3. Waa'een Sodoom Abrahaamiin maaliif baay'ee dhiphise lataa? Seera Uumamaa 13:10-13 keessa deebi'aa. . _____
 4. Lakkofsa 26 keessatti Gooftaan akka abbaa firdii qajeelaatt, Abrahaamii deebii kenne. Maal jedhee laataa? _____
-

Lakkofsa 27 keessatti Abrahaam waa'ee jall'ina Sodoom sodaadhaan guutame,garuu waa'ee ilma obboleessa isaa waa'ee loox immoo jaalalaan dhimmame. Abrahaam fuula Waaqayyootti gad of deebisee akka inni dhihaaaye, yeroonni akkas jedhu mee ilaala. “ Ani illee ”

5. Amma gaaffii isaa lakkofsa 28 keessatti maalfaa dhaa?
 - a. _____
 - b. _____
6. _____.” Gooftaanis akkas jedhee deebiseef, “ Achi keessaa

7. Lakkofsa 29 keessatti haasaan ittuma fufee,Gooftichis Sodoomiin keessatti
_____ yoon argadhe madarattii
hinballeessu jedhee abdachiise.
8. Lakkofs 30 keessatti Abrahaam inni gad of deebisee ani illee biyyoo dha daaraadhas jedhe erra
deebi'ee ija jabaatee, ammas deebi'ee dubbachuun koo Gooftaa koo hin aarsin jedheetu, “
Namoota _____ achitti yoo argattehoo?”
9. Lakkofsa 31 keessatti Abrahaam akkas jedhee gaafate, “Yoo
_____ qofti argamnoo?”
10. Lakkofsa 32: Ammas Abrahaam altokko dubbachuuf Waaqayyoon gaafate, “ Yoo nommoonni
_____ achitti argamanoo?” Gooftichis, “
” jedheen.
Haasaan Abrahaamiif Waaqayyoon giduutti tassifame in xumurame. Gooftichi Abrahaamitti
addaan bahee deeme;Abrahaamis gara mana isaatti deebi'e.

Kutaa 3^{ffaa}

WAA'EE WAAQAYYO MAAL BARANNAA? Waa'ee baduu yookaan fayuu Sodoom ilaachisee haasaa Abrahaam Waaqayyo wajjin taasise keessa dhugaa jiru waliiti qabuu xumurreerra. Kanaaf, gaaffii kana gaafanna, “ Seenaan kana keesssatti waa'ee Waaqayyo maal barannaa?”

Waa'ee eenyummaa Waaqayyoo waan tokko nutti hima. Seera Uumamaa 18:25 erra deebi'aa dubbifadhaa. Waaqayyo abbaa firdii qajeelaa akkan inni ta'ee fi waan sirrii ta'e kan godhu ta'uu isaa mul'isa. Waaqayyo abbaa firdii dhugaatii fi qajeelaadha. Ilmaan namootaa qajeelotaa yookaan yakkamtoota jedhee addaan baasuu/ murteessuu kan danda'u isa qofaa daha. Kana Isa qofaatu danda'a. Hundumti keenya cubbuutti kufnee isa yakkineerra. Kanaafi mallattoon guutummaa/qajeellumma kan Waaqayyo inni qulqulluun nurraa barbaadu nutti hir'ateera(Roomaa 3:24).

Abrahaam Waaqayyo abbaa firdii qajeelaa ta'uu Isaa, waan godhan irraa kan ka'e ilmaan namoota irratti dheekamsa Isaa dhangalaassuu kan danda'u, yookaan ayyaana Isaa(waan nuuf hin malle kan Waaqayyo nuuf kenu) irratti dhangalaasuu kandanda'u yookaan araara Isaa (waan nurratti ta'uu qabu nurratti gochuu dhiisuu Waaqayyoo) irratti dhangalaassu kand danda'u ta'uu isaa keekeera.

IBSUU

1. Mee yeroo namni tokko isin ganuu isaa,maqaa keessan balleessuu isaa, yookaan karaa ta'een isin miidhuu isaa irraa kanka'e, walitti dhufeeny(firooma) nama sanaa wajjin qabdanu addaanu sadarkaa addaan kutuu irra geessan yaadaa.
-

Firdiin yokaan seerri walitti dhufeeny nama kana waliin qabdu addaan kutuu, namichas gara mana murtii geessuuf mirga qabda jechuu danda'a. Tarii qaamni sadaffaan nama sana bakka bu'ee dhufee araara sigaafata ta'a. Qaamni sadaffaan kun garakee dhufee walitti dhufeeny nama kana waliin qabdu addaan kutuu, namicha yakkamaa kanas gara mana murtii geessuf mirga guutuu qabda, garuu namichi deebi'ee dhugaa isAAF si gudduu jiru akka ganuu dhiisuu himee gaabbuu isaa ibsee akka dhiifama gootuuf sikadhata.

2. Firdii qajeelaan akka barbaachisaa ta'e in beekna. Fakkeenyaaf yeroo seerri cabu/dabu, firdiin qajeelaan barbaachisaa dha. Yeroo tokko tokko nutis akka dogoggora uumnu beekna.Amanamummaa walitti dhufeeny keessa jiru balleessinee, namootas miidhuu dandeeny. Kanuma goonee yeroo namoonni gocha keenyaan miidhaman, hiryaan, haati manaa/abbaan manaa, namani waliin hojji tokko irratti bobbaanee jirru illee, yakka keeny utuu nutti hinlakkaa'in yeroo jaalalaan nuuf deebisanu jira. Hojji ofittumaa gooneef addabbiin akka nuuf ta'u ni beekna. Gochaa hammeenyaa jara irratti goone iraa kan ka'e, nuti namoota, jaalalaan fi dhiifama namoonni kun nuuf godhaniif malle akka hintaane ni beekna.

HOJII IRRA OOLCHUU: Walitti dhufeenya jirenya keessan keessa yeroo yaaddanu.....

Yeroo nama isin yakke tokko irraatti firdii kenuuf mirga guutu utuu qabdanuu jaalalaat itti agarsiisuun dhiifama gootaniif tokko yaadadhaa.

- Dhimmicha seessatti eenyu akka hirmaate yaadadhu.
- Seenicha keessatti gahee keessanii fi gahee gara nama sanaa yaadaa.
- Seenaan sun akkamiin akka xumurame agarsiisaa. Itti murteessisuuf mirga qabdu turtan, garuu dhiifama gochuuffii filattani. Karaa kana irraa adda ta'een waa gochuu qabdu turtanii?

KADHANNAA : Yaa Gooftaa ati Waaqa abbaa firdii qajeelaa waan taateef sin galateeffadha. Ati Aduunnya kana qajeellummaadhaan geggeessita. Firdii kee isa qajeelinaa keessatti yeroon of ilaalu, nama yakkamaa akkan ta'e nan yaadadha. Ati garuu gara laafina keetiin na ilaaltee, jaalala keetii fi araaraa/diifama kee naaf kennite. Cubbuukoo naaf dhiistee, namoota kaaniif akkan dhiifama godhu carraa waan naaf kenniteef sin galateeffadga.

Kutaa 4^{ffaa}

BARSIISA: Seenaan kana keessatti Abrahaam namoota mandaraa Sodoomii fi, keessumattuu waa'ee ilma obboleessa isaatii, waa'ee looxi, akka bu'ee yeroo Waqayyon kadhatu gahee guddaa taphateera. Abrahaam namoota Sodoomii fi ilma obboleessa isaatiif maatii isaa bakka bu'uudhaan saba sanaaf Waaqayyoon gidduu galee kadhata.

HIIKA: Gidduu galuu (namoota kaan bakka bu'anii kadhachuu)— Kana jechuun namoota kan buraa bakka bu'uudhaan fuula Waaqayyoo dhufanii wa'ee dhimma isaaniitiif Waaqayyoon kadhachuu dha. Ergaa gara waarra xemootewos isa duraa 2:1 keessatti, nuy akaa gidduu gallu yookaan namoota kaan bakka buunee fuula Waaqayyootti akka dhihaannu abboomaneerra.

HOJII IRRA OOLCHUU: Wanti seenaa kana keessaa hojiirra oolchuun nurraa eegamu tokkoo, namoota kan biraan bakka bu'uudhaan Waaqayyoon duratti dhihaachuu dha. Waa'ee obboloota dhukkubsatanii, waa'ee namoota yeroo rakkinaa keessa jiranuu, waa'ee namoota hojii dhabanii, ykn waa'ee namootaa dhimma ijoollota jalaa badaniitiif dhiphatanuu fudhannee isaaniin bakka bu'uudhaan fuula Waaqayyootti dhihaachuun kanaaf fakkeenya ta'uu ni danda'a.

1. Jirenyakoo keessatti namni ani waa'ee isaa fudhadhee fuula Waaqayyootti dhihaadhu tokko eenyuu? _____
 2. Nama kana bakka buutanii dhimmi isin fuula Waaqayyootti dhiheessitanuuf maalii? _____
-

3. Waa'ee dhimma nama kanaa ilaachisee wnati ani Waaqayyoon gaafadhu/kadhadhu maalii?
-

GADI FAGEESSANII XIINXALUU(GADI QOTUU): Erga gara warra Roomaa 8:26-27 keessatti Hafurri Waaqayyo nuuf Waaqayyoon gidduu akka galu yeroo barru(beeknu), jajjabina guddaa isaa arganna. Inni dhimma keenyaa fi yaada Waaqayyo nuuf qabu beeka. Giddu galeessa nuuf Waaqayyoon gidduu waanta'eef, Hafurri Waaqayyo yeroo nuy waan kadhanne hinbeekne illee nuuf kadhata. Dabtara/yaadannoo keessan fudhadhaatii, Waaqayyo Hafuri isaa nuuf isa gidduu galee waa'ee keenyaaf kadhanna inni kadhatu akka Waaqayyo dhagahu yeroo bartanu jajjabina isinitti dhagahamu ilaachisee mee yaada keessan barreessaa.

SAMMUUTTI QABACHUU: Yeroo hundumaa Hafurri Waaqayyo nuun bakka bu'ee fuula Waaqayyootti akka inni nuuf kadhatu kan nu yaadachiisu yaadannoo dhaabbataa qabaachuu qabna. Kun jajjabinaa fi kirkaneeffannaa nuuf kenna. Yeroo fudhadhaatii lakkofsota kana lamaan(Gara Warra Roomaa 8: 26-27) kaardii yadannoo(indeeksii) keessan irratti barreessaati erra deddeebitanii dubbisuudhaan sammuutti qabadhaa. Himmotaa fi gaaleewan kan bira keessaa, lakkofsota kana lamaan luqqifadhaa.

1. Lakkofsi 26 maal nutty himaa?

a. Lakkofsa kana keessatti Hafurri Waaqayyo akka nu gargaaru yoom nutti himamee? _____

b. Yeroo hunda maal akka kadhachuu qabnu beeknaa?

c. Yeroo nuti dhadhabnu/moo'amnutti, Haffurri Waaqayyo maal nuuf godhaa?

2. Lakkofsa 27 maal nutti himaa? Tasuma kan nuti sodaachuun hinqabneef maaliifii?
-

Kutaa 5ffaa

DHUUNFAADHAAN HOJII IRRA OOLCHUU :

1. Wanttooni isin rakkisanu yookaan dadhabsiisanu tokko tokko maalii? Yaada keessan keessaa akka haalli kessan rakkisaa fi kan hindanda'amne ta'uun akka isinitti dhagahamu godhanu maal faadhaa? _____
-

2. Hafuurri Waaqayyoo akka michuu keessaniitti isisnitti dhihoo ta'uu isaa beekuu keessanii fi akka Inni amma isin waa'ee ofii keessanii beektanuu caalaal waa'ee keessan beeku hubachuu keessaniin ammam gammachuufi jajjabinni isinitti dhagahamaa?
-
-

3. Hafuurri Waaqayyoo isiniif kadhachuu isaa beekuun keessan , tooftaa yeroo namootni rakkistoonni, haalonni rakkistoonni, fi yeroon rakkisaan jirenya keessan keessatti isin mudatu aitt fayyadamtanu ilaachisee garagarummaa maalii fidaa? _____
-
4. Yeroo rakkisaa jirenya keessan gara fuulduuraa keessatti isisn quunnamuu danda'uuf akkamiin of qopheessituu?
-
-

BARSIISA: Namoota kaan bakka bu'anii fuula Waaqayyootti dhihaachuun carraa guddaa dha. Abrahaam ija jabaatee araaraaf Waaqayyoon kadhate. Abrahaam ofii isaaaf biyyoo fi daaraa ta'uu isaa beeku illee, waa'ee namoota kaaniitiif Waaqayyoon gaafachuu ittuma fufe.. Cubbuun Sodoomii fi Gomoraa baay'ee kan Waaqayyoon gaddisiissee fi mandaroonni kunis dheekamsa Waaqayyootiin nyaatamuuf kan qophaa'an ta'nu illee, Abrahaam akka garaa Waaqayoo aarii irraa deebisee yaada Isaa isa jijiirsisuu danda'u amane. Walitti dhheenyi Abrahaam Waaqayyo waliin qabu baay'ee cimaa ture. Michoomni(walitti dhifeenyi) Abrahaam Isa isa balleessuu danda'uu wajjin qabu turee, walitti dhifeenya inni isuma yeroo Abrahaam araaraaf waa'ee namoota kaanii fudhatee fuula Isaatti duratti dhihaate isa dhaheedha.

KADHANNAA: Abrahaam ija jabummaadhaan, garuu baay'ee gad of deebisee fuula Waaqayyoo dhfe. Akkasuma egaa, ija jabummaadhaa fi gad ofdeebisuudhaan, jechoota jajuu fi galata keessanii, gaaffii keessanii fi dhimma keessan kadhannaadhaan fuula Waaqayyootti fidaa.

Nama tokko yookaan haala tokko yaadaatii, giddu galeessa ta'uun, nama sana yokaan haala sana bakka bu'aatii, Waaqayyoon kadhadhaa. Yaa Gooftaa, har'a kan ani yaadaa jiruu

. Ani sinkadhadha akka ati

BARNOOTA SHANAFFAA

IYYANNI SUN BAAY'EE

GUDDAADHA

SEERA UUMAMAA 19-DIIGAMUU SODOOMII FI GOMORAA

AGARSIISAA QABIYYEE BARNOOTA 5F^{FAA}

Agarsiisa: Seera Uumamaa 19

Seensa

Barnoota 5^{ffaa}: Seera Uumamaa 19

- Eggamoonni Sodoomiin galuu isaanii
- Keessummoota osoo hinaffeeramin magaalicha keessa dhufan
- Tarkaanfii Ariifachiisaa
- Waaqayyo, abbaa firdii qajeelaa fi gara-laafessa
- Gadi fageessanii dubbisuu(Gadi qotuu)r: Ergaa gara Warra Roomaa 1:18-32

50

IYYANNI SUN BAAY'EE GUDDAADHA

SEENSA

Barumsa kana keessatti dheekkamsa Waaqyyoo isa Waaqayyoon wallaaluu, garmalee jiraachuu fi jallinatti jiraachuu isaanii irraa kan ka'e, saba Sodoomii fi Gomoraa irrattii robe ilaalla. Qajeelaa isa ta'e firdii Waaqayyo isa Waaqni qulqulluun barbaadu ifatti waan mul'isuufii seenaa kana dubbisuun baay'ee kan nama jeequudha. Waaqayyo namoota magaalota kana keessa jiraatanutti gara laafina tokko illee hin agarsiisne. Ergamoonni sun kutannoo/murtoo guddaa isaatiin magaalota sana balleessani. Looxi akka inni ariifatu dirqisiisani. “ Ariifadhu! Kana ta'uudhaa baannaan inbaddaa” jedhaniin. Yeroo Looxi shakketti, namoonii sun harka isaa qabanii nagaadhaan magaalaa sana keessa isa baasani. Looxi, haati manaa isaa fi ijoollen isaa araaraa Waaqayyootiin oolani/fayyani. Sodoomii fi Gomoraa irratti firdiin Waaqayyoo irratti gad bu'e; Looxii fi maatii isaatiif garuu obsa Waaqayyoo tiifi araaraa fi hoo'a isaatu ta'eef.

Barnootni darbe Waaqayyoo Abrahaamiif kadhannaa inni Looxiif, maatii isaa fi magaalota Sodoomii fi Gomoraatiif kadhatu ayyana isaatiin deebisuuf kakuu galuu isaa nutti agarsiise. Barnoota 5^{ffaa} keessatti, firdiin qajeelaan inni kan Waaqayyoo jal'ina isaaniifi, iyyi hojii isaatii irraa kan ka'e iyyamu fuula Waaqayyoo gahuu isaa irraa kan ka'e magaalota Sodoomii fi Gomoraa balleesuudhaan yeroo inni hojii irra oolu ilaalla. Akkasumas gocha lubbuu Looxii fi kan maatii isaatii oolchuuf, araara Waaqayyo godhe ilaalla. Waaqayyo cubbuu namoota Sodoomitti baay'ee gadde, garuu namoota Abrahaam jaallatuuf araarri Waaqayyoo itti fufe. Akkasumas Waaqayyo kakuu Abrahaamiif gale ni raawwate.

Kutaa 1^{ffaa}

SEENSA : Seera Uumamaa 19 qo'achuun kan nama jeequudha. Qabiyyeen isaa namoota tokko tokkoof burqaa walfalmiit. Kan nuti yaadachuu qabnu garuu kaayyoon qo'annoo kanaa yaada tokko morminee, isa tokko immoo deeggaruuf osoo hinta'in , beekumsa maafa qulqulluu akka argannuu fi wanti macaafa qulqulluu keessatti bareeffame sagalee Waaqayoo nuuf barreeffame ta'uus isaa akka hubannuufidha

ABBALTII : Seera Uumama 19-1-29

SHAAKALA: Xumura Seera Uumamaa 18 keessatti erga haasaa isaanii xumuranii booda Goofitichi ni deeme, Abrahaam immoo mana isaatti gale kan jedhu dubbisna. Gooftaan eessa akka deemee yoo beekuudhaa baanne illee, akka Seera Uumamaa 19:1 irratti arginutti, ergamoonni lamaan Sodoomiin gahani.

1. Akka lakkofsa tokkootti, yeroon sun guyyaa keessaa saatii meeqa turee?

2. Eenyuu wajjin walitti dhfanii?

3. Ninni eessa turee?

4. Looxi yeroo jara arge deebiin inni battala sanatti jaraaf deebise maal turee?
Balballi yookaan karri magaalaa sanaa iddo namoonni magaalaa sanaa itti wal arganuudha Seeraa Uumamaa 18:1 keessatti Abrahaamii balbala dunkaana isaa fula dura taa'u argina.

5. Simannaan Looxi jaratti agarsiise, simannaa Abrahaam agarsiiseewajjin wal fakkaata. Lakoofsa 2 keessatti, namoota sanaaf maal dhiheessee?

GAAFFII

1. Looxi eenu akka isaan ta'an beekeera jettanii yaadduu? Do you think that Lot recognized them?
Maaliifii? _____
 2. Looxi namoonni sun akka isa bira mana isa turanu fedha guddaa kan qabu isiniitti fakaataa?
Maaliif? _____
- Lakoofs 3 maal nutti himaa?

3. Boqonnaa duraanii keessatti haasaa Abrahaam Waaqyyoo wajjin taasise sammuutti qabadhaa. Sodoomiifi Gomoraan magaalota isin ijoollee keessan keessatti guddisuu baraadanuu dhaa(Seera Uumamaa 18:201-21)? Maaliif? Maaliif hinbarbaaddanu?
-

. Asitti wanti tokko sirrii miti. Yeroo itti fiftanu dammaqinaa fi hubannaadhaan qo'anno keessan itti fufaa.

kutaa 2^{ffaa}

SHAAKALA:

1. Affeerra Looxi mana isaatti isaaniif godheef nammoonni lamaan sun akkamiin deebii kennanii?
-

2. Lakkofsa 3 keessatti Looxi yaada sana ilaachisee akkanni gamachuun hinqabaanne akkamiin beeknaa? _____
-

3. Looxi ammas ergamoota yeroo simatu argina. Ergamoota kanaaf maal qopheesseefii?
-

4. Wanti tokko akka adeemsifamaa jiru mallattoon agarsiisu jira. Sababni isaas buddeenni Looxi jaraaf dhiheesse _____ malee qopheeffame. Looxi ariifatee (jejjersaa) naannoo mana isaa asiif achi akka fiigaa ture namoonni itti dhagahamu jiru.
. Duddeenni caarriggii tolfame, akka buddeen isa bukkaa'ee raacitii qabuu yeroo hinbarbaadu. Nyaata Abrahaam Seera Uumamaa 18:6 keessatti jaraaf qophreessee wajjin walmaddalchisaa.
-

5. Lakkofsa 4: Utuu issan hin rafin eentyu isaan ilaaluu (dubbisu) dhufee?
-

6. Namota kanaa irratti maal gochuu barbaadnii (Lakkofsa 5)? “ _____ .”

Seera Uumamaa 13:13 keessatti namoon biyya Sodoom

“ _____ ” akka turan
baranna.

Boqonna 19 keessatti waa'ee cubbuu isanii isa guddaa fi waa'ee jal'ina isaanii hubanna arganna.

GAAFFILEE IRRATTI YAADA KEESSAN CALAQISHIISTANU:

1. Tarii namni tokko tookko wanti namoonti magaalaa Sodoom gochaa turan akka aadaa biyya sanaatti fudhatamaa dha yaada jedhu qabaachuu qaba. Bakkeen ishee yammuu ilaalamu, magaalaaan Sodoom biyyoota kanbiraa irraa adda miti. Haala/amala namoota kanaa, cubbuu isaanii wajjin waltti qabaatii ibsaa. Wanti sun waan haaraa? Amali akkasii maatii fi aadaa hawaasaa wajjin walmakee turee?

 2. Amma isin seenaan sana keessatti ossoo Looxiin taatanii maal gootuu? Namoonni kun keessumoota keessani. Namoonni kun nyaatanii, halkanicha mana keessanitti dabarsuuf dhufaniiru. Bakkeedhaan manni keessan namoota jal'ina isaanii fi cubbuu isaniitiin keessumoota keessankana fixuudhaaf dhufaniin marsameera. Namoota mana keessan marsan kanaaf akkamiin deebii kennituufii?
-

SHAAKALA

1. Looxi namoota kana arguuf gadi bahe. Lakkofsa 6 keessatti Looxi wantoota lama kan akka nuyi waa'ee isaaaf waa'ee amalasaan fi gocha isaa gaaffii keessa galchinu nugodhu godhe.

2. Akkamiin jaratti dubattee? _____
3. Lakkofsa 7 keessatti yaadni yookaan filannoon Looxi namoota mana isaa marsaniif kenne maalii?

QAAFFILEE YAADA IRRATT IBSANU

1. Looxi biyya Sodoomiifi Gomoraa kana keessa jiraachuu filate. Yeroo innii fi Abrahaam saawan(horii) isaanii garagar baasan, Looxi horii isaa fi maatii isaa fudhatee gara lafa misoomaaf ,magariisaa, lafa ishee horii isaatiif nyaata baayyee kenu dandeeessuu foo'atee deeme. Ifatti akkuma arginu, lakkofsa 6 fi 7 keessatti , Looxi namoota hiryoota jedhee waamu kanaa wajjin akka inni walitti dhufeenyaa/ michooma uume ni beekna. Looxi gadi bahee balbala of boodaan cufee akka keessummooni isaa hindhageenyetti doksaadhaan namoota mana isaa marsan waliin haasa'uu isaarrraa kaanee akka inni jal'ina namoota biyya sanaa wajjin walii gale tilmaamuu ni dandeenya. Waa'ee amala Looxi ilaachisee yaadni keessanii fi ilaalchi keessan maal
fakkataa? _____

2. Yeroo Abbaan ijoollee isaa burbaa kan dhiira waliin quunnamtii godhanii hinbeekne namoota kanaan, “ fudhaati waan barbaaddan isaan irratti raawwadhaa” jedhee itti himu maal namatti fakkaataa? Abbaan inni wanta gaarii hojjetu ijoollee isaa durbaa irraa hamaa eega(eegumsa godhaaf). Looxi garuu ijoollee dubaraa kn ofii isaatii dabarsee kennuuf fedha godhatee keessummoota mana isaa turan sanaaf eegumsa godhe. Akkasumas immoo aadaa biyya sanaa ilaaluun barbaachisaa dha. Keessummooni mana nama seenan eegumsa argatu; eegumsa gochuufii keessatti wanti barbaachisaa ta’e hundumtuu hingodhama. Haaala kana keessatti amala Looxi ilaachisee yaadniifi wanti isin hubattan maalii
dhaa_____
-
-
-

Kutaa 3^{ffaa}

SHAAKALA: Kanatti fufee gocha wareeraa namootni mana Looxi marsanii jiranutu raawwatanu itti aanee dhufa. Toftaa isaan itti fayadaman xiyyeffanaa addaa itti kennaa ilaala.

1. Itti dabalaniis, ‘Namich tokkich_____ as dhufe
kun(Looxi)_____ amma
immoo_____ nuu baasaaree! Ama immoo
isaan sana caalaa sirratti_____ ”
Lakkoofsi 9 itti fufee namoonni sun Looxiin humnaan walitti cafaqanii
“_____ ”
2. Lakkoofsa 9 keessatti namoon sun karaa argachuuf tooftaa akkamiitti fayyadanii?

Looxiin akka nama abbaa murtii ta’ee
isaaniif seera baasuutti himaatanii, “akka inni isaani irraa of caaliseetti” yaadani. Looxi gala ta’u illee namoonni biyya sanaa isaa fi maatii isaa si amtaniiru. Akka nama bifaa lam qabuutti is
ilaalanii, waantokko jedhee, waan biraan
hojjetu?_____ Amma garuu aadaa
naannoo sanaa fudhachuu didee, aboommii isaanii kan keessummoota mana kee seenan gadi
nuubasi jedhu fudhachuu didee, keessummoota sanas gadi baasuu diduudhaan kan inni hojjete,
namoonni biyya sanaa akka sirrii hintaanetti akka inni lakkaa’etti ilaalam.

3. Namoonni keessummooni mana Loox keessaa jiranu amma itti gaafatamummaa fudhatu (Lakkoofsa 10 fi 11). Maal hojjetuu?
- a. _____ Gadi baasanii _____
b. Looxiin _____
c. balbalicha _____
d. Jarreen ala turan sana _____
4. Lakkoofsa 12 keessati Looxiin maal gaafatuu? _____
5. Looxi akka maal godh ajajanii? _____
6. Waa'ee waan gochuuf jedhanuu Looxitti maal himanii?

7. Maaliif balleessuu deemuu (Lakkoofsa 13)? _____
8. Kanaaf Looxi soddoota isaa(warra gara fuula duraatti intaloota isaa fuuchuu jiranu) barbaacha ka'e. Soddoota isaa kanatti maal itti himaa? _____
9. Deebiin isaaniihoo maal ta'a?

10. Lafti bari'uu gaheera boruun baqaqeera; ergamoonni sunis ariifatanii gocha sana raawwachuuuf jiru(Lakkoofsa 15) Ajajni/abboommiin isaan Looxiif kennan maalii?

11. Looxi akkamiin deebii kennee (Lakkoofsa
16)? _____
12. Looxi fi maatiin isaa akka deebii kennanuuf, ergamoonni sun dhuma irratti maal godhani?

13. Ergamoonni sun Looxi fi maatii isaa haraka qabani magaalattii keessaa erga baasanii booda, qajeelfama yookaan ajaja baay'ee ifaa fi ariifachiisaa ta'e kennaniif. Maal isaanitti himanii?
- a. _____
b. _____
c. _____
d. _____
14. Lakkoofsa 18-22 keessatti Looxi sababa isaa himee ergamoonni sun magaalaa xiqqoo
_____ jedhamtutti baqatee akka oolu
akka isaan eeyyamanuuf gaafachuu isaa ilaalla. Asi irratti kan hubannuu, Looxiif fayyaan isaa fi

umuriin isaa utuu addabiin Waaqayoo magaalota sana irratti hinbu'in gara gaarotaatti baqatee jalaa bahuu akka isa hindandeessisnee dhaa. Ergamaan sun Looxiif maal kakuu galee? _____

-
15. Lakkofsa 23: Boruun baqaqeera. Looxi nagaadhaan mandaraa Zo'aar gaheera. Isa booda balaan dheekamsa Waaqayyoo eegaleera. Deemin keessan battala kanaa maal ta'uun dnada'aa?
-
16. Lakkofsa 24 keessatti firdiinii fi dheekkamsa Waaqayyoo jiraattota magaalota Sodoomii fi Gomoraa irratti dhangala'e. Maaltu gadi roobee?

Kana kan godhe Waaqayyoon ta'uun isaa baay'ee sirriitti ibsamuu isaa hubadhaa. Akka kun ta'u Gooftaatu godhe.

17. Diigamsi sun gutummaan guututti kan raawwatamee dha. Waaqayyo magaalota sana in garagalche. Diigamsi sun lafa naannoo sanaa hundumaa irratti dhufe. Sabnii fi biqiltuun biyya sana keessa jiranu hundi in balleffamain, ni barbaddaa'an. Kakuu isaa isa Seera Uumamaa 18:32 irratti Abrahaamiif gale Waaqayyo akkamiin eegee?
-
18. Kanatti fusfee lakkofsa 26 dhufa. Lakkofsa 17 keessatti ajajni(abboommiiin/qajeelfamini) ergamaa sanaa maal turee?

_____ Haati manaa
Looxi maal gootee, maaltus ta'ee?

-
19. Lakkofsa 27-28 keessaatti Abrahaamiin bakka waa'ee qajeelotaatiif/tolootaatiif Waaqayyoon fuuldura dhaabbatee ture utuu dhaabbatee ilaaluu isa argina. Abrahaam gara Sodoomii fi Gomoraa yeroo ilaale maal argee?

-
20. Haala salphaa ta'een, lakkofsi 29 boqonnaa kana guduunfa:

- Waaqayyoo magaalota sanaaf lafa naanoo isaanii _____
- Waaqayyo Abrahaamiin _____
- Waaqayyo Looxiin balaa magalota inni keessa jiraachaa ture balesse jalaa _____

Kutaa 4^{ffaa}

WAA'EE WAAQAYYOO MAAL BARANNAA? Lakkofsi 16 jecha baay'ee barbaachisaa ta'een xumurama: "Waaqayyo

waan _____ "

Jechi gaarummaa jedhu hiika baay'ee bu'uura ta'e nuuf qaba. Akkuma yaadattanu gaarumaa/araara jechuun waan fudhachuu qabanu, utuu hinfudhatin hafuu jechuu dha (addabbii namaaf ta'u jalaa baraaramuu jechuu dha). Looxi maatii isaa waliin aadaa biyya keessa jiraachaa turee sanaan liqimsameera. Hojii jal'inaa namoota biyya sana keessatti yoo qooda fudhachuudhaabaate iyyuu, Looxi gocha shaakala saal-quunnamtii namoota biyya sanaa duratti fudhatamaa ta'ee jiru sanaa jalaa, akka nama hindhageenyee gurra isaa duuchatee, akka nama hinarginee ija isaa jaamsatee jiraachaa ture. Ofii isaaf itti hirmaachuudhaa baatutus,fudhachuu baatus; gochi sun namoota keessatti hirmaatanuuf sirrii akka ta'etti fudhateera. Waaqayyo araara isaatiin Looxii fi maatii isaatiif osoo gidduu galuudhaa baatee, innis dhuma irratti gocha kana keessatti hirmaatee, deeggaraa fi falmaa akkaataa jirenya biyya sanaa ta'a ture. Yaada dabaltaatiif Gara warra Roomaa 1:32 fi Roomaa 2:16 dubbifadhaa. Akkasumas kutaa 5ffaa keessatti mata duree Gadi Qotuu jedhu ilaala.

Firdiin qajeelaan inni kan Waaqayyoo, yeroo Waayayyo jal'ina irratti harka'isaa dheekamsaa gadi buusuudhaan yeroo inni mul'atu argina. Ayyaana Waaqayyoo fi jaalala isa isa ilmaan namootaatiif hinmalle argina. Ayyaan Waaqayoo namoota isaa wajjin jaalaan walitti hidhatanii jiraatanu irratti dhangala'a. Ayyaanni isa namoota isa irraa fagatanii jaalala isaa keessaa bahanii jiranuuf illee hindhagala'a. Waaqayyo kakuu isaa isa abdachiise in yaadata. Araarri Waaqayyoo ilmaan namootaa du'a isaaniif male jalaa yeroo baasee fay'ina isaaniif kennuun hojjete argina.

GAAFFILEE HOJIITTI JIJJIRUU:

1. Waaqayyo gara-laafessa. Yeroon isin jirenya keeessan keesatti araara Waaqayyoo itti shakaltan yoomii?

2. Waaqayyo yeroo baayyee karaa namoota kan biraan araara isaa nuuf fida. Asi irratti muuxannoon keessan maal fakkaataa?

Yeroo itti nama tokkoof araara Waaqayyoo fiduuf carraa argattanii, addabbii isa/isheerra gahuun irra ture hambistanii, waanti isaaf / isheef hin malle akka ta'uuf taasistan mee yaadaa.

3. Haala kana yaadachuu keessatti yaadaa fi miira sinitti dhagahamu keessa kan yaadattanu keessaa maal faatu jiraa?
-

Kutaa 5^{ffaa}

GADI QOTUU/ GADI FAGEENYAAN ILAALUU: Seera Uumamaa 19:30-38 keessatti seenaa Looxii fi kan intaloota isaa lamaanii hafe ilaalla. Seenaan sun waa'ee jirenya Looxi ilaachisee inse seenaa gammachiisaa kennname miti. Intalootni Looxi, abbaan isaanii dhugee yeroo machaa'u isaa wajjin ciisanii ulfaa'an. Ijoolleen isaanii abboota Mo'aabotaa fi Amoonotaa ta'ani. Qomoon kun lamaan waggoota baay'ee booda yeroo sabni Israa'eel gara biyya kakuu abdachiifamee yeroo deemanu saba Waaqayyoo kanatti diina itti ta'ani.

. Dubbisa maccafa qulqulluu keessaa iddoon jal'ina Seera Uumamaa 19, keessa jiru agarsiisu Roomaa 1:18 hanga Roomaa 2:16 keessatti argama. Kutaan kun kan namatti tolu miti;kan nama kakaasu mitti; kan nama gammachiisus mit, garuu hubanna nuuf kenna. Namoota bara Abrahaamii fi bara Looxiitti dubata; Namoota jaarra 1^{ffa} keessa, bara ergamaa Phaawuloos turanitti dubbata; akkasumas nuun namoota jaarraa 21^{ffa} keessa jiraannuttis in dubata. Seenaan Sodoomii fi Gomoraa kan Sera Uumamaa 19 keessa jiruu fi dubbisni Ergaa gara Roomaa boqonnaa 1 fi 2 keessa jiru haala addaatiin waa'ee cubbuu saal-quunnamiiitiin walqabatee dubbata. Itti fufiinsi waa'ee cubbuu ergaa gara Roomaa keessa, cubbuu saal-quunnamtiin walqabatee qofa utuu hinta'in, cubbuu gosa hundumaa irratti xiyyeffata. Yeroo waa'een cubbuu naanna'aa Roomaa keessatti ibsame , akkaataa caasaan isaa fedha dhabuu irraa gara waan fudhatamaa ta'een walii galuuf obsa qabaachuu deeggaruutti dhufuu keessatti mul'ate addaan baasaa.

Seera Uumamaa 19 fi ergaa gara Warra Roomaa 1-2 bu'uureffachuudhaan, araara Waaqayyoo fi firdii isaa isa qajeelaa bara macaafa qulqulluu fi bara keenya kana keessa hojii irra jiru akkamitti akka ilaaltanu ibsaa. Kun isiniif dhugaa sagalee Waaqayoo ta'uu isaa in amantu? _____

KADHANNAA: Yaa Waaqayyo Gooftaa, Looxii fi maatii isaa balaa biya Sodoomiifi Gomoraa irratti bu'e jalaa oolchuudhaan jaalala kee mul'isteetta. Yeroo tokko tokko utuun human jallinaatii harkisamuu fii jaallallikee inni guddaan ati narratti mul'iste immoo na oolchhuf harka koo qabee; isa nanyaachuu barbaadu utuu narraa konkola'achiisuun, ofii koo yaada lama keessatti of arga. Araara keef gara lafina keetiif galanni siif hata'u. Dubbii kee isa dhugaa sanaaf galanni siif hata'u Namoota sinbeekneef akkan kadhadhuuf ayyaanaaf carraa naaf kenniteef galanni siif hata'u. Araara kee isaaniif baay'is,gargaaris. Keessumattuu kan ani yaadu _____

BARUMSA JAHAFFAA

HOOLICHI MEERREE?

SEERA UUMAMAA 21-22: AARSAA

AGARSIISA BARNOOTA KUTAA 6^{FFAA}

Agarsiisa: Seera Uumamaa

Sensa

Barumsa 6 : Seera Uumamaa 21-22

- Dhalachuu Yisihaaq
- Waaqayyo Abrahaamiin qoruu isaa
- *HIIKA: Sodaa*
- Iyyesuus, Kennaa
- Aarsaa Abrahaami fi Yisihaaq
- Abrahaam amantiidhaan....

Agarsiis qabiyyee boqonnichaa

HOOLICHI MEERREE?

SEENSA

Kolfi kannaa baay'ee gaarii Waaqayyoo ilmaan namootaatiif akka isaan miira keessa isaanii ittiin ibsataniuuf kennameefiidha Waa'ee wantoota baay'ee kolfinaa; karaa adda addaa baay'eedhanis kolfina. Ibsi miira qoosaa, kolfa. Gammachuun nukolfsiisa . Dinqisiifachuun, jaalalli, ayyaaneffachuun, oduu gammachiisaan hundi nukolfsiisu.Kolfi keessa keenyatti miiroi gaariin akka nutti dhagahamu godha;qaama keenyafis fayyaa kenna.

Macaafin qulqulluun, kolfuunis boo'uunis yeroo qaba jedha (Macaafa Lallabaa 3:4). Waayayyo illee ni kolfa. Namoota amanuu diduudhaan Isaa fi namoota Inni dibetti qosanuU(Faarsaa 2:4) fi namoota qajeelota irratti ka'anutti (Faarsaa 37:13) ni kolfa. Kolfi ergaa qoosaa waan tokko gadi buusanii ilaaluu yookaan tuffachuu agrsiisuu danda'a.

Seena Yisihaaq keessatti waa'ee kolfaa ilaaluun barbaachisaa dha. Seera Uumamaa 17 keessatti kolfi si'a lama eerameera. Yeroo Waaqayyo Saahaan haadha saba hundaa(addunyaa maraa) taati jedhe Abrahaam fuulaan lafatti gadi gombifamee ofitti kolfe. Waaqayyo Saaraan ilma deessi maqaan isaas Yisihaaq jedhame,kana jechuunis, ni kolfa jechuudha, jedhee itti dubbate. Seera Uumamaa 18 keessatti yeroo keessummoonni sun Saaraan ilma deessi jedhan, isheen immoo balabala dunkaanaa booddee dhaabbattee ofitti kolfite. Akkas jettee yaadde, “Ergan dulloomee dadhabee, abbaa manaa koo bira ga'uu iyyuu nan hawwaa ree?” Erga Yisihaqa dhalatee, abban isaa maqaa moggaasee booda, Saaraan akkas jette, “Waaqayyo kolfa naaf fideera; namni kana dhagahe anaa wajjin kolfa.”

Hundi keenya kan fudhachuu qabnu, waan ta'uu hindandeenyetti, yoo Waaqayyo karoorsu illee, ni kolfina. Akka namaatti yeroo yaadamu waan amanuun rakkisaa ta'etti ni kolfina, sababni isaa abbaab manaa fi haati manaa umoriin isaanii wagga 100 fi 99 ta'e mucaa godhachuu danda'u jedhanii yaaduun rakkisaa waan ta'eef. Abrahaami fi Saaraan kun akka ta'uuf waan gochuu danda'anu akka hinqabne waan beekanuuf in kolfani. Nuti immoo dadhabii keenya illee akka gowwummaatti lakkofne ofitti ni kolfina. Dubartiin haadha ta'uu barbaaddi. Dhiirri

abbaa ta'uu barbaada. Intalli durbaa dhirsa nama Waaqayyoo ta'e barbaaddi . Ilmi dhiiraa jaalala durbaa kan nama Waaqayyoo taatee barbaada.

Amanuu dadhabuudhaan yoo kolfine illee, wanti Waaqayyo abdachiise dhugaa ta'ee dhuma irratti Yisihaaq dhalate! Kolfi boo'ichaa fi imimmaaniis jira! Yisihaaq akkuma maqan isaa mul'isutti, mana namoota reef abbaa fi haadha ta'an haaraa kanaaf, Waaqyyoon biraa kolfa fide. Nutis , maatii kana waliin akka kolfinuuf affeeramneerra. Waggoota sana hundumaa keessati, namoonni Saaraa wajjin kolfaniiru. Mee kolfa jirenya keessan keessaa yaadaa. Waaqayyo jirenya koo fi jirenya keessan keessa dinqisiifanna kanaan dura hinbeekamne fi hin yaadamne; kan amanuudhaaf illee rakkisaa ta'e fida. Naannoo keessan ilaalaati , kolfuu keessaniif kan sababa ta'e , karaa nama biraa gara jirenya keessanii yeroo dhufu yaadaatii gammadaa. Raadadhaa, Waaqayyos ni kolfa!

HOOLICHI MEERREE?

Kutaa Iffaa

SEENSA : Amma wa'ee seenaa Abrahaamii fi Saaraa itti fufna. Waaqayyo mucaa akka argatanu qofaa utuu hinta'in, waaggaa sana keessa Saaraan akka ulfooftuu fi akka ilma deessu kakuudhaan isaan abdachiise. Seenaan kun Seera Uumamaa 21 keessatti itti fufa. Barumsicha keessatti Sera Uumama 21:1-7 fi Seera Uumamaa 22:1-19 irratti xiyyeffana. Kuta kana lamaan hunda isaanii dubbisaa. Yeroo dubbistanu gaaffii gaafachuu jalqabaa. Fakkeenyaaf, taatonni ennyyuun fa'ii; seenicha keessatti maal hojjecha jiruu? Gaaffii, enyu, maali, eessatti, yoomi, fi maaliif jedhu gaaffadhaa. Gaaffileen kun seenaa kanatti jirenya itti godha.

SHAAKALA: Dubbii Seera Uumamaa 21:1-2 keessa jiru dhagahuuf Abrahaamii fi Saaraa wajjin yeroo dheeraa eegneerra. Gooftaan kakuu isa Saaraadhaaf gala raawaachuuf arjaa dha.

1. Akka lakkofsa 2 keessa jrutti want Waaqayyo godhe maalii?

2. Abrahaam enyu jedhee isa moggaasee (lakkofsa 3)? _____
3. Namoota kakuu Waaqayyo isaaf gale jala jiraachuu qabuu hundaaf, Abrahaam abboommii Gooftaatifi ajajamaa(kan abboomame) ture. Abboommii Seera Uumamaa 17:12 keessa ture maalii?

Nammoota miseensa maatii(mana) Abrahaam ta'aniif dhagna qabaan waan filannoo qabu hinturre. Kanaafuu Yihiaaq yeroo umuriin isaa guyyaa 8 ta'e ,

(Lakkoofsa 4)

4. Nama seenaa kana dubbisu irraa kan Waaqayyo akka inni mirkaneesee beeku irraa barbaadu, Abrahaam nama dulloomaa ta'uu isaati. Akkuma Seera Uumaa 18:12 keessatti ibsite, Saaraan _____, Abrahaamis _____. Kana jechuun, ija namaatiin yeroo ilaalamu, wanti Waaqayyo abdachiise waan ta'uu hindandeenye ture. Akkuma Seera Uumamaa 21:15 keessatti nutti himametti, Abrahaam yeroo Yisihaaq dhalata nama wagga _____ ture. Saaraan nama wagga _____ turte!
5. Yisihaaq jechuun _____. Gara jalaatti macaafni qulqulluun keessan Yisihaaqiis hiika maal jedhu kennaa? Raawwatamuu kakuu abdachiifamee gara fuula duraatti waan mul'isanuuf , kolfa baroota dheeraadhaaf kolfamaa ture hubadhaa:
 - a. Seera Uumamaa 17:17- Eenyetu kolfee? _____ Maal jedhee?
 - b. Seera Uumamaa 18:12 – Eenyetu kolfee? _____ Maal jedhee?
 - c. Seera Uumamaa 21:6 – Eenyetu kolfee? _____ Waal jettee?
6. Wantoota lama ilaaluun barbaachisaa dha:
 - a. Gosni kolfaa adda addaa waal fa'aa dhaa? Seera Uumamaa 17 fi 18 keessatti kolfi amanuu dadhabuu akka argisiisu ibsameera. Namni kolfu sun miira abdii kutanna keessa akka jirutu itti dhaga'ama.
 - b. Seera Uumamaa 21:6 keessatti nmoonni kolfan sun shakkii tokko malee gammachuu fi galata dhiheessuu isaanii agarsiisu. Kakuun yeroo tokko abdachiifama amma dhuma irratti raawwatameera.
7. Xiyeeffanaan isaanii kan irra ture, inni akka isaan kakuu sana amanuu dadhabuudhaan kolfanu godhe maalii? _____

8. Yeroo kakuu raawwtameef gammachuu isaanii dhiheessanu xiyyeffannaan isaanii maal irra turee? _____
 9. Jalqaba irratti namoonni kun keessa ofii qofa ilaalani. Akkuma nuti har'a jennu, "Yeroon/saatiin issanii dhabbateera". Dhagni isaanii baay'ee dulloomee kan bututeedha. Yeroo gamachuudhaan kolfan, Gooftaa fi ,utumaa isaan haala abdii hinqabne keessa jiranuu waan inni isaaniif godhe ilaala turani. Seera Uumamaa 18:14 yaadadhaa.
-

DHUUNFAADHAN YAADA CALAQIISUU: Sammuun dhala namaa jalqaba irratti keessa eenyummaa namaa ilaalee dandeettii fi gahumsa namni tokko qabu miijanuu dha. Utuu gegeessaa fi gargaarsa Waaqayyoo hingafatin, waan barbaanne ofuma keenyaaf raawwachuu yeruu eegallu, amma wanti sun nujalaa kufee galma gahuu dadhabutti gargaarsa Waaqayyoo malee kan hindanda'amne ta'uun isaa nuuf hingalu. Yeroo tokko tokko, gargaarsi keenya karaa namoota kaanii nuuf dhufa.

Kan isin waan hindanda'amne ,waan dandeettii keessanii olitti isin rakkise keessa dabartan yoomii? Kun garuma keessaniin kallattii dadhabii keessaniitiin ta'ee? Carraa sanaaf deebiin keessan maal turee? Kolfitaniittuu? Akkas offin jettaniittuu, " Ani eenyunnii?" In qosta jechuudha. " Ani sana hojjechuu hindanda'u." Yeroo baay'ee, ibsi akkasii kan godhamuuf sababa keessa ofii keenyaaf qofa ilaalluufi dha. Yeroo baay'ee namoonni biraan dandeettii isin keessa jiru, garuu kan addaan hinbaafamne arganiiru. Mee wantoota akka hojjetanuuf gaafatamtanii, dandeettii hojjechuuf qabdanu amanuu dadhabuudhaan utuu kolfitanuu of argitanii, garuu isa boodaa garagaluun kolfa gammachuu fi galataa kolfitan tarreessaa. Hubanna keessan keessaa mee muraasa barreessaa.

Kutaa 2^{ffaa}

BARSIISA: Seera Uumamaa 22 keessatti seenaa dinqisiisaa yeroo baay'ee himamu argina. Waan amanamu hinfakkaatu. Waaqayyo maaliif waan akkasii hojjetaa? Abrahaamiin qoruun maaliif barbaachisee? Namoota kanaaf wagoota dheeraadhaaf dhalchuu ilmaa eegaa turuun gahaa in turee? Yaa Gooftaa ati namoota uumte yoo in jaallata ta'e, jaraafis garraamiidha yootaate, maaliif jara qortaa? Mee haalaallu. Seera Uumamaa 22:1-19 dubbisuun barbaachisaa dha.

SHAAKALA: Yeroo muraasa booda Waaqayyo Abrahaamiin qoruuf murteesesse.

Lakkoofsa 2 keessatti wanti Waaqayyo Abrahaamiin abboome maalii?

1. Waaqayyo yeroo “ _____ kee isa
_____ isa jaallattu
_____ ” Abrahaamiin jedhe hindogoggorre.
2. Gara biyya Mooriyaa dhaquuf jedhu. Gaarri Mooriyaa, gaara yroo sanati Iyyerusalem keessatti _____ guddaan Mooticha _____ ijaaruu jalqabee dha(Macaafa Seena Baraa isa 2ffaa 3:1). Gaarri Mooriyaa kun yeroo booda Gaara Xiyoon jedhame.

BARSIISA: Gaafffin Abrahaam ilama isaa Yisihaaqiin aarsaa qalmaa godhee Waaqayyoof akka dhiheessu gaafatame waan haaraa yookaan waan hinbaramne miti. Namoonni naannoo sana jiraachaa turan aarsaa qalmaa gubatu waaqota tolfamaa isaaniitiif dheessaa turani. Aarsaan akkasii akka waan kabajamaa ta'eefii fi kan waaqoliin tolfamaan isaanii barbaadanu jedhamee amanaa ture. Wantti adda ta'u, Waaqayyo inni kan Abrahaam aarsaa nاما gaafachuu iaati. Waaqayyo cubbuu abboomamuu diduu isaaniitiif jedhee Addaamii fi Hewaaniin hinqalle. Qaa'een obboleessa, Abeeliin isaa waan ajjeesef jecha Waaqayyo isa hinajeesne. Nooh, Abrahaam, Aggaarii fi Saaraan cubbuu isaaniitiif jecha hinballeeffamne. Waaqayyoo inni kan Abrahaam, Abrahaamiin abbaa saba guddaa in taata jedhee itti himeera. Waaqayyo kun Abrahaamiif sanyii isaaf Waaqayyo isaa akka ta'u, sanyiin Abrahaamis saba Waaqayyoo akka ta'anu kakuu galeera.

GAAFFILLEE IRRATTI YAADA KEESSAN CALAQISHIISTANU: Waaqayyo maaliif akka Abrahaam ilma isaa Yisihaaqiin, mucaa kakuu akka inni aarsaa godhee dhiheessu maaliif isa abboome jettanii yaadduu? _____

YAADA OFII IBSUU:

1. Abrahaam yeroo mucaa isaa aarsaa godhee dhiheessuuf deemuuf ka'e laphee isaa keessatti maal akka inni yaadaa jiru tilmaamuu dandeessuu(Lakkofsa 3)? Ganama barii ka'ee harree isaa fe'atee, quraan murmuratee, hidhatee, Yisihaaqii fi hojjettootaa keessaa lamaa wajjin ka'ee deeme. Nagaa inni Saaraaf dhaamee yaaduu dandeessuu? Waan Waaqayyo isaan jedhe Saaraatti himeeraa? Saaraan ilma ishee akka lamuu deebitee

hinargine beekteetii laataa? Wantoota (dhugaa) sirriitti hinbeekne baay'ee isaanii, tilmaamuu dandeenya. Yaadni samuu keessan keessaa muraasni maal ta'uu laataa?

2. Deemsi isaanii guyyaa sadii itti fudhate. Isa booda Abrahaam yeroon inni ilma isaa aarsaa godhee itti dhiheessu akka dhihaachaa jiru beekeera (Lakkofsa 4). Lakoofsa 5 keessatti hojjetoota lamaaniin gara gaaraa deemnee Waaqayyoof saganee deebina jedhanii itti garagar bahaanii deemeni. Waaqayyoof iddo aarsaa qopheessuun Abrahaamiif waan haaraa miti. Sirriitti beekuudhaa baannus, Yisihaaqi muuxannoo waaqeffaanaa fi horii aarssadhaaf qalamuu qaba jennee tilmaamna.
3. Lakkofsa 6, Abrahaam Yisihaaqiin qoraan baachisee, ofii isaa immoo haaduu (billaa) fi ibidda baatee akka deeme nutti hima. Haasaa amma lafa aarsaa gahanutti Abrahaamii fi Yisihaaqiin gidduu ture mee tilmaamaa. Yisihaqa ariifatee wanti tokko akka hirrate hubateera. Qoraan qalma aarsatiin gubatu qabu, ibiddas qabuu; hoolaan aarsaaf qalamu garuu hinqabanu.
4. Waa'ee jara iraa addaan bahuu isaanii, waa'ee fageenya idoosanaa hindhageenyे ta'u; wanti isaan hubatanu abbaa fi ilmi Waaqayyoof sagaduudhaaf walii wajjin deemuu isaanii qofa.

SAMMUUTTI QABACHU: Jechoonni Abrahaam ilmaa isaatti dubbatu, jettoota isin mana kitaabaa laphee fi sammuu keessanii keessa kaa'achuu qabdanuu dha. Lakkofsa 8 keessatti maal jedhaa? Jechoota kana barreessaa: “Waaqayyoo

”.
Ammas irraa deebitanii jechoota kana kaardii indeksii(yaadannoo) keessanii irratti akka barreessitanu isin jajjabeessina. Lakoofsa kana irratti dabaltanii kaardii keessan irratti yaada keessanii fi kadhannaalaphee keessan keessaa ta'e barreessaa. Kanatti aansaa tii lakkofsa kana guyyoota itti aananu keessatti akka isaan lamuu isin jalaa hinbannetti erra deddeebi'aa dubbisaa.

Kutaa 3^{ffaa}

SHAAKALA:

1. Lakkofsa 9 fi 10 kallatiidhumaan barreeffamai. Abrahaam maal godhee?
 - a. _____ in jaare
 - b. _____ in sissireesse
 - c. _____ in hidhe
 - d. _____ in ciibse
 - e. _____ in gahe
 - f. _____ in fudhate
2. Kun gaaffii gaafachuu nama hiobsisiisu: Yihihaaq hoo? Kan aarsaa ta'ee qalamu isa ta'uu yeroo beeke mmal godhee? Yisihaaq waa'ee abbaa isaa fi amantii inni Waaqayyo irratti qabu iraa maal baratee?

3. Yeroo kana caalaa yeroon abbaa isaatiis rakisaa ta'uu danda'u jiraa? Egaa yeroo kana kan Waaqayyo gidduu gale. Akkofsi 11 jecha xiqqoo guddaa tokkoon eegala, "garuu". Ergamaan Waaqayyoo Abrahaamiin waame. Lakkofsa 12 keessatti Abrahaamitti maal ittihimaa? _____

4. Qorumsichi maaliifii (Lakkofsa 12b)?

Waaqayyo beekaa; Abrahaam beekaa; Yisihqaq beeka..

BARSIISA: Akka Abrahaam Waaqyyoon sodaatu beekna (Seera Uumamaa 22:12)

- **HIIKA:** *Sodaan hiika adda addaa qaba.* Sodaan akkaataa itti fayyadama isaa kutaa kana keessatati, waan tokko sodaachuu osoo hinta'in jaal'achuu, kabajuu, dinqisiifachuu, ulfina gudaan qabachuu, of kennuu, kkf. jechuu dha. Abrahaam jaalala mucaa isaaf qabu caalaa Waaqyyoon sodaate.

GADI FAGEENYAAN XIINXALUU/GADI QATUU: Dhuma lakkofsa 12tti, jecha ilama jedhutti aane burqaa jechichaatu agarsiifama. Qubee sana hubadhaatii lakkofsa inni bakka bu'u gara walakkaa fuula sanaa keessa barbaadaa. Wabiin tokko lakkoo lakkofsa 2 fii Seera Uumamaa 22 akka Waaqayyo ilmi Abrahaam tokkichi akka aarsaa ta'uu jedhu itti ibseedha. Wabiin inni kan biraa Yohaannis 3:16 ti. Lakkofsa kana armaan gaditti barreessaa:

1. Dubbisa kana keessatti abbaan eenyuu?

2. Ilmi tokkichi sun eenyuu? _____

Wabiilee kana keessaa akka hubannutti, seenaan Seera Uumamaa 22 keessa jiru, mallatoo waanta baroota dheeraa booda raawwatamuuf jiruu ,gaara Moriyaa, akkasumas gaaraa Xiyoon irraa, jaalaal isaa isa guddaa hunduma keenyaaf qabu irraa kan ka'e , Waaqayyo abbaan tokkich ilma isaa Iyyesuusiin cubbuu keenya hundaaf akkasuma cubbuu biyya lafaa hundaatiif aarsaa isa dhumaagaa godhee kenuuf jiru ture agarsiisa.

Aarsaa cubbuu keenyaatiif abbaan keenya Waaqa irraa, ilma Isaa iddo aarsaa Fannoo irratti aarsaa gochuu dhiisuu hindandeenye. Utuu ilmaan nammootaa du'a barabaraa jalaa fayyuu danda'anii iyyuu Waaqayyo abbaan aarsaa sana karatti hanbisee dhaabuu hindandeenye. Hoolaan bosona keessatti argame hinjiru. Aarsaan kan biraa argamuu hindandeenye! Aarsaa tokkicha ilma Waaqayyoo Isa guutuu ta'ee sana qophaatu fayyina ilmaan namootaatiif hojii hojjeta. Kanaaf inni ittuma fufee, sababa dhangala'uu dhiiga Iyyesuus irraa kanka'e, cubbuun ilmaan namootaa hundaa hindhiifameef. Sanyiin namaa hundi karaa Iyyesuus isa cubbuu ilmaan namootaatiif jedhee aarsaa ta'ee dhiifama cubbuu argachuu danda'a.

Nama barachuuf dheebuu qabuuf,wabiin dabalataa tokko jira. Wangeela Yohaannis 3:16 irratti, ergaa Yohaannis isa duraa 4:9 ilaala. Akkasumas, wabiilee kanaan macaafonni kakuu Moofaa fi kakuu haaraa walitti hidhamanii jiraachuu isaanii hubanna. Barumsa keessan isa waa'ee Waaqayyo tokkicha ilma Isaa cubbuu ilmaan namootaatiif aarsaa gochuu Isaa barattan irratti lakkofsi kun hubannoo isisn aarsaa Waaqayyo cubbuu addunyaa maraatiif godhe irratti maal isinii dabaluu?

SAMMUUTTI QABACHUU : Seera Uumamaa 22:12 keessatti jecha akkas jedhuun jalqabee “Ati Waaqayyoon akka....”, akkasumas Yohaannis 3:16 fii 1Yohaannis 4:9, kutaa dabalataa

akka sammuutti qabattanu jajjabeeffamtanuudha. Kaardii yaadannoo keessanii irra yoo keewwattan , iddo hundumaa isin wajjin deemuudhaan kuusaa sagalee Waaqayyoo isiniif ta'u. Kanna irrattis lakkofsota naannoo kutaalee wabii kana jiranu, keessumattuu kakuu haaraa ilaaluu qabdu. Qo'annoo keessan itti fufuuf ogummaa fi hubanna dabalataa waan isiniif kennanuf, hutaalee kana irratti xiyyeffadhaa. Qabeenya sagalee waaqayyoo walitti kuufattanitti gammadaa, dubbii waaqayyoo isa badhaadhinaan guutuu kana adamsaa/barbaadaa! Akkasummas qabeenyaa dubbii Waaqayyoo kuusattan kana namoota kaanii wajjin hirmaachuu hindagatinaa.

Kutaa 4^{ffa}

SHAAKALA: Waa'een miira dhimma abbaa fi ilaan walqabatee kun ksn jirenya namaa tuqu akka turee dha. Ilmi isaa kan abbaan aarsaa godhee dhiheessuuf deeme du'a jalaa baraarameera. Lakkofsa 13 keessatti, bakka dhangalaasuu dhiiga Yisihhaq Gooftaa dhaaf maaltu aarsaa qalamee dhihaatu ta'ee? _____ Ammas irra deebinee kan yaadachuu qabnu dhiigni dhangala'e Waaqayyoof aarsaa fudhatamaa dha.

1. Abrahaam iddo sana Jehoonaa Jiraa jedhee moggaase, kana jechuun

Yohaannis 3:16 keessatti irra deebinee yeroo ilaalluu,Waaqayyo ilma Isaa Fayyisaa godhee kenne.

2. Lakkofsi 15-18 baay'ee walfakkaatu.

Wanta Waaqayyo Abrahaamiin jedhu jechoota mataa keessaniitiin
barreessaa_____

3. Lakkofsa 19 keessatti Abrahaamii fi Yisihaaq

_____ keessa jiraatani.

WAA'EE WAAQAYYOO WAAN BARANNU: Jaalaaa guddaa Waaqayyo ilmaan namootaatiif qabu kan nuyaadachiisu inni knabiraa jecha *arjumaa* jedhuudha. Waaqayyo

Saaraadhaaf arjaan/gaarii ture. Kakuu ishee abdachiisee raawwateef. Guutummaa kutaa kanaa keessatti Waaqni keenya arjaan ta'uu isaa ilaalla. Arjummaan ayyaana Waaqayyoo isa nurratti dhangala'e nuyaadachiisa. Gahumsa keenyaan kan arganne hinqabnu; tuti kana hundumaaf namoota malle miti, ayyaanni isaa akkasumatti nuuf kennname. Inni arjaan fi kan kakuu isaa eeguudha. Inni arjumma isaatiin tokicha ilama Isaa nuukkennuudhaan cubbuu keenya hundumaattii nufayyisa.

DHUUNFAADHAAN HOJII IRRA OOLCHUU

1. Yeroo baay'isna Waaqayyoon bara deemnu, wanti nuti gochuu dandeenyu baay'ee baay'ee xiqqaa yookaan humtuu akka hinjirre hubanna. Yeroo barnoota kana keessatta Abrahaamiin ilaallu, iyyanoo qofaa waliit qabuu/dhiheeffachuu dandeenyen. Deebiin inni Abrahaam waa'ee ayyaana Waaqayyootiif battala sanatti deebisu danda'e waaqeffannaa qofaa dha. Innii fi Yisihaaq yeroo aarsaa hoolaa sana dhieessan i Waaqayyoon waaqffatani. Aarsaan keenya, gochaan waaqeffannaa keenya maal ta'uu danda'a laataa? Faarsaa 51:17 keessatti Waaqyyo aarsaa akkamii akka fudhatu ilaalla. :
“ _____ aarsaa Waaqayyo biratti fudhatamuudha, yaa Waayayyoo ati _____ Yhin tuffattu.”
2. Yeroo Hafuura gadi deebi'aadhaa, laphee cabaadhaan fi garaa qalbii diddiiratuu dhihaattanii cubbuu yakkaa fi qaanii keessan fudhattanii fuula Waaqayyootti dhihaattanu aarsaan keessan maalii? Mee yeroo fudhaatii wantoota kana ifaa fi amanamummaa dhaan Gooftaaf
hiraa. _____
3. Waaqayyo jechootaa fi ibsa nutti gala galchuuf dhiheessinutti ni gammada. Faarsaa 51:15 dubbisaa "...afaan koos jajuu keen in himaa." Egaa maaliif Waaqayyoon jajanna? Sana jechuun maal jechuu dhaa? Yoo isa jajachu barbaanne maal jenna? Galata arraba keenya dhangalaasuudhaan isa jajanna. Eenummaa isaatiif Waaqyyoon galateeffadhaa. Barnoota darbe keessaa kutaa "Waa'ee Waaqayyoo maal barannaa" jedhu keessaa muraassa keessa deebi'atii ilaalaaa. Waan Waaqayyo godheef isa galateeffadhaa.

Kennaa Isaatiif Isa galateeffadhaa. Hindumiti keenya waan dubbanne yookaan waan hojjenne tokkoof jechoota galataa dhagahuu ni barbaanna. Yeroo namoonni waa'ee amala keenya yookiin namummaa keenya ilaachisee waan beekanuuf ,waan gaarii dubbatanu/dhugaa bahanu, nummoo namoota akkasii in galateeffanna. Jechoota jajuu fi galataa keessanii Waaqyyoof dhangalaasaa.

KADHANNAA: Mee yeroon kun yeroo Waaqayyoof jajuu keessanii fi galata keessan dhiheessitanu isiniif hata'u:

Barnoota 5^{ffaa}

SEENSA: Amma seenaa Abrahaam gara xumuruutti dhufaa jirra. Seera Uumamaa 23 keessatti , “ Saaraan waggaan _____ jiraattee _____ itti duute. Boqonnaan kun iti dabalees, Abrahaam akkamitti akka lafa Saaraa itti awwaaluuf barbaade argate ibsa. Ammaaf gara boqonnaa 25tti ce'aa.

ABBALTII: Seera Uumamaa 25: 7-11 dubbisaa:

SHAAKALA:

1. Abrahaam waggoota meeqa jiraatee(Lakkofsa 7)?

2. Lakkofsi 8 waa'ee yeroo Abrahaam du'ee ilaachisee maal nutti himaa?

3. Abrahaamiin eenyutu awwaalee (lakkofsa 9)?

4. Abrahaam eessatti awwaalamee (lakkoofsa 9-10)?

5. Abrahaam eenyuun biratti awwaalamee? _____

6. Erga abbaan isaaAbrahaam du'ee booda Waaqayyo Yisihaaqiin eebbise. Yisihaaq eessa jiraatee? _____

Hubachiisa: Barnoota kana keessaa kutaan itti aanuu waa'ee kutaa macaafa qulqulluu wabii ta'anuu akka shaakalluuf kan qophaa'eedha. Yoo Maccaafa Qulqulluu isain iitti gargaaramtanu keessa wabiin hinjirre, salphaadhumati wabiilee shaakala kana keessatti kennaman hordofaa

Wabii mirkaneeffanna jecha “Ro-i” jedhu ooddee jiru ilaala. Lakoofsa fi wabii garee sana keessatti agarsiifame barbaadaa. Seera Uumamaa 16:7-14 barbaadaatii dubbisaa Yisihaaq ilmi Abrahaam iddo “ Be'er-Lahaay Ro-i jedhamtu jiraachuu filate. Aggaar, haati Ishamaa’el, ilma Abrahaam isa kan bira, osoo Ishamaa’el hindhalatin fuuldura, Saaraa baqattee Be'er-Lahaay Ro-I deemteetti

GAAFFILEE YAADA IRRATTI CALAQQISISANU : Duuti yeroo baay'ee keessumattuu yeroo dargaggummaa keenyaa wanta nuyi waa'ee isaa hin yaadnee dha. Amma garuu yeroon kun yeroo itti waa'ee adeemsa umurii keenyaa fi guyyaa tokko dulloomnee bara keenya xumurree akka Abrahaamii fi akka Saaraa akka duunu kan itti yaadnuudha.

Eessatti akka awwalamuu barbaaddanu itti yaaddanii beektuu?

1. Eenyuun biratti awwalamuu barbaadduu?
2. Qabeenyaa isin qabdanu eenyutu dhaalaa?
3. Namoota isin booda jiraachuuf jiranuuf kennaa in arjoomtuu/in kennituu?
4. Yeroo isin duutanu, waa'ee keessan namooni maal akka jedhanu/dubbatanu barbaaduu?
5. Wantoota ijoolleen keessanii fi sanyiin keessan(dhaloonni isin booddee jiranu) itti fufisanu maal dhiistanii deemuu barbaadduu?
6. Wantoonni kun akka taa'nuuf amma tarkaanfii akkamii fudhachuu qabduu?

KADHANNAA: Yaa Waaqayyo Gooftaa, ati Abrahaamii fi Saaraa umurii dheeraadhaan ebbifteetta. Ilmaa fi biyya kenniteefii kakuu kee jaraaf raawwattee amanamummaa kee itti

argisiisteetta. Abbaa fi haadha saba adunyaa kanaa isaan gootee hundeessiteetta, jarri garuu ilma isaanii isa kakuudhaan abdachiifame, Yisihaaqiin qofa beekani.. Akkuma jaraaf amanamaa turte, Ati amaafis amanamaa dha. Jaalala kee isa guddaa anaa fi namoota ani jaal'adhu hundaaf dhangalaasteef galanni siif hata'u. Akkuma anis jireenyi koo lafa irraa kun du'aan xumuramuu isaa beeku, sin kadhadha _____

BARSIISA: Taatonni kan akka Abeelii fi Nooh, *Karoora Waaqayyoo, Eebba keenya* kan jedhu keessattii ibsamaniiru. Qo'anno kana keessatti xiyyeffannaan boqonnaa amantii kan Ibroota 11 keessa jirutti kennameera. Yeroo waa'ee seenaa Abrahaam xumurru, ammas gara Ibrootaatti deebina. Boqonnaa kana keessatti maqaan Abrahaam si'a afur, jechoota "Amantiidhaan..." jedhanuun eegalee ibsameera. Ibroota 11-8-19 dubbifadhaatii, halluu addaatiin jechoota kana jala muraa. Seenaa ABrahaamii fi Yisihaaq Seera Uumamaa 12-25 keessatti waan qo'attaniif, amma kutaa gara warra Ibrootaa boqonnaa 11 kana hunda isaa beektu.

SHAAKALA:

1. Ibroota 11:8 keessatti wabiin lama kennamaniiru. Wabiilee kana irraa Seenaan Abrahaam eessatti akka bubbata mee salphaatti saffisaan agarsiisuu dandeessu.
 - a. Seenaan sun maali?

 - b. Wabiileen mirkaneessanu maaltu kennamee?

 - c. Seera Uumamaa keessaa boqonnaan Abrahaam keessatti waamamee, kakuu fudhatee, bakka deemu osoo hinbeekin Waaqayyoof abboomamuudhaan bahee deemuu isaa ibsu eessatti argamaa? Seera Uumamaa _____

Hubachiisa: Namoonni wabiilee mirkaneessaa hinqabne, kutichi Seera Uumamaa 12:1-4, 7 keessatti argama.

2. Ibroota 11 keessatti Abrahaam “Amantiidhaan”, bakka jirenyaa isaa biyyaa kakuu sana akka godhate, akka galaatti akka jiraate fi dinkaana keessas akka jiraate hubanna.

- a. Jechoonni wabii mirkaneessaan jecha “Dunkaana” jedhu booda kennamani maalii? What
-

- b. Seera Uumamaa keessaa boqonnaan kun keessatti argamu isa kam fa’adhaa? Seera Uumamaa _____ fi _____

Hubachiisa: Macaafa qulqulluu itti gargaaramaa jirtanu keessa wabiin mirkaneessu hinjiru taanaan, Seera Uumamaa 12:8 fi Seera Uumamaa 18:1,9 agarsiisaa.

3. Ibroota 11:11 keessatti wabiin mirkaneessu baay’een kennameera.

- a. Seenichi maalii?
-

- b. Wabiin mirkaneessaa jecha “Abbaa” jedhutti aanu maayinnii?
-

- c. Seera Uumamaa keessaa iddoon Waaqayyo kakuu Abrahaamiif gale itti raawwate boqonnaa isa kami? Seera Uumamaa _____

Hubachiisa: Yoo Maccaafni Qulqulluun iitti gargaaramtanu wabii mirkaneessaa hinqabne, Seera Uumamaa 21:2 agarsiisaa.

Ibroota 11:12 keessatti.....

- d. Wabiin mirkaneessaan jecha “Andaara galaanaa” jedhutti aanee dhufu maalii? _____

- e. Seera Uumamaa keessaa boqonnaa isa kamtu Waaqayyo kakuu isa Abrahaamiif gale haareessuu isaa nutti himaa? Seera Uumamaa _____

- f. Kakuun abdachiifaame sun maalii?
-
-

Hubachiisa: Yoo Maccaafni Qulqulluun iitti gargaaramtanu wabii mirkaneessaa hinqabne Seera Uumamaa 22:17 agarsiisaa.

4. Ibroota 11:17-19 keessatti seenaan wal fakkaataan ibsameera

- a. Seenichi maalii?
-

- b. Wabiin mirkaneessaan seenaan kun eessatti akka argamu argisiisuuf itti gargaaramtanu maalii? _____
- Wabiin mirkaneessaan kun tarii isa jecha “Aarsaa” jedhutti aanee jiru ta’uu danda’aa.
- c. Seera Uumamaa keessa boqonnaan Waaqayyo Abrahaamiin keessatti qore,isa booda Abrahaam abboomamee Yisihaaqiin aarsaa godhee dhiheessuuf deeme agarsiisu isa kami? Seera Uumamaa _____

Hubachiisa: Yoo Maccaafni Qulqulluun iitti gargaaramtanu wabii mirkaneessaa hinqabne Seera Uumamaa *22:1-10 agarsiisaa.*

Seera Uumamaa keessa boqonnaan baay’een seenaa Abrahaam dubbata. Ibroota keessaa lakkofsi baay’een seenaa kana nuyaadachiisuudhaan , akkuma seenaan kun adeemsa jirenya keenyaatti dabalamuun amantiidhaan akka sochoonu nujajjabeessa. Seenaan Abrahaam waa’ee ayyana Waaqayyoo, waa’ee jaalala Isaa isa warra isatti maxxananii jiraatanuuf haalota irratti utuu hin hundaa’in kennamee nutti dubbata. Akkasumas seenaan jirenyaa Abrahaam Waaqayyoo abbaa firdii qajeelaa ta’uu isaa nuyaadachiisa. Waaqayyo warra isatti amananiif gara laafinaan hojjeta. Firdiin isaa inni qajeelaan cubbun akka adabamu barbaada , garuu Inni Hafuura isaa isa waa’ee keenyaaf kadhatu dhaggeeffata. Waaqayyo Waaqa keenya nuuf ta’uuf kakuun inni gale dhugumaan eebba keenya!

KUTAA KEESSA DEEBII

**GOD'S PROMISE,
OUR BLESSING**

**KAKUU WAAQAYYOO,
EEBBA KEENYA**

KEESSA DEEBII

Shaakalli adaa kun kaayyoon inni qophaa'eef guddina keessanii fi beekumsa keessan waa'ee taatota kakuu moofaa keessaa, waa'ee Abrahaamii fi Saaraa isin argattan mirkaneessuufi dha. Mee trtiiba irra dhufne keessa deebi'uuf yeroo hafudhannu:

1. Seenaa sana tokkoon tkoon isaa dubbisnee, dhugaa gocha sanaan walqabate hubanne.

Kutaa barnoota keenya 3-6 keessatti seenaan arfan nuti qo'anne maal fa'aa dhaa?

- a. Barnoota 3 _____
- b. Barnoota 4 _____
- c. Barnoota 5 _____
- d. Barnoota 6 _____

2. Waa'ee Waaqayyoo fi waa'ee ilmaan namootaa watoota adda addaa baranneerra. Tokkoon tokkoon kutaa “ Waa'ee Waaqayyo maal baranna” jedhu keessatti, dhugaan adda addaa nuti hubanne maalfaa dhaa?

- a. Barnoota 3 _____
- b. Barnoota 4 _____
- c. Barnoota 5 _____
- d. Barnoota 6 _____

3. **KAKUU WAAQAYYOO, EEBBA KEENYA**

3. Akkaataa barnoota seenaa baroota dheeraan dura raawwatan kessa jiru keessaa hiika barbaannuu fi akkaataa jirenya keenya har'aa keessatti hojii irra oolchuu dandeenyu baranneerra. Tokkoon tokkoon kutaa kanaa keessati *hojii irra oolchuu* ilaachisee maal barannee?

- a. Barnoota 3 _____
 - b. Barnoota 4 _____
 - c. Barnoota 5 _____
 - d. Barnoota 6 _____
4. Dhuma irratti Ibroota 11 ilaalle. Boqonnaa kana keessati seenaan baay'een waa'ee amantii Abrahaam mul'isu. Wabii agarsiistuutti gargaaramne, saffisaan seenaa Kakuu moofaa, kakuu haaraa keessaa argisiisuu akka dandeenyu ilaalleerra. Kakuu Haaraa keessaa gara kakuu moofaatti akkamiin akka adeemnu shaakalleerra. Yoo Ibroota 11 irratti gadi fageenyaan qo'anoo geggeessuu barbaaddanii, seenaa kennaman keessaa tokko xiinxaluu barbaaddanii, garuu eessatti akka inni barreeffam hin beektanu yoo ta'e, wabiin agarsiistuu baay'ee isin gargaara.

XUMURA BARNOOTA KAKUU WAAQAYYOO, EEBBA KEENYA: Qo'annaa keessan akka itti fuftanu jajjabeefamtu. Baay'ii barachaa jirtu. Haala gamachiisaa fi mijaa'aadhaan Macaafa Qulqulluu keessa deemaa jirtu. Sagaleen Waaqayyoo maal akka isinittu dubbatu qo'achuu yeroo itti fuftanu, jajjabinaa fi gamachuu sagalee Waaqayyoo keessa jirutti guddachaa adeemaa jirtu.

KADHANNAA: Yaa Gooftaa, sagalee kee isa waa'ee namoota amanii kana akka Abrahaamfaa natti dubbateef galanni siif hata'u. Wantoota abdachiifame hunda isaa yoo argubaatte iyuu, ija amantiitiin akka inni waan fula duratti ta'uuf jiru akka inni ilaalu isa dandeesisteetta. Waan kakuu isAAF galame argeera. Amanii akkasii, issa at anaf arjaan fi gara-laafessa ta 'uu kee fi Iyyesuus abdi koo ta'uu isaa amanatu naaf kenni. Akkasumas ija mantii isa akka ani si biraabdi jirenya barabaraa Waaqa irraa qabaachuu koo beekuuf nagargaaru naaf-kenni

Qo'annoona macaafa qulqulluu KiroosKonneekt kun dabalataan marsariitii araan
gaditti kenname irratti kaffaltii malee argama

Marsariitii kana daawwadhaa: www.crosscm.org.

Isinirraa dhagahuu barbaanna!

Kanaan nuquunnamaa: admin@crosscm.org